



Jijiirama
hundagaleessaaf
Odeeffannoo sirri!

Bara 31

Lakk. 12

Amajjii 23 bara 2016

Gatiin qar. 15



Naanno Oromiyaatti gamaaggamni raawwii karoora hojii paartiifi mootummaa baatiwwan jahan darbanii geggeeffame

Taammanaa Gammadaatiin

Naanno Oromiyaatti gamaggamni raawwii karoora hojii paartiifi mootummaa baatiwwan jahan darbanii guyyoota afuriif tibbana Adaamaatti geggeeffame.

Pirezidaantiin Mootummaa Naanno Oromiya Obbo Shimallis Abdiisaa xumura waltajjichaarratti kallattii hojii kennaniiru. Obbo Shimallis hooggansi sadarkaan jiru waan hunda sirnaafii sirnaan yaaduun yeroodhaa gara yerootti fooyya'aa kan dhufe

ta'uu ibsaniiru.

Karooraan hoogganamuu, tarkaanfilee haaraa hunda hojirra oolchuuuf tattaaffin godhamaa jiru, hojii hunda humna walootiin g a r g a a r a m u u n

Gara fuula 14tti



Godaansi seeraan alaa miidhaa qaamaafi xinsammuu qaqqabsiisurra darbee kabaja biyyaa xiqqeessa jedhame

Oliifan Raggaasaatiin

Biiroon Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa Oromiya konfiransii Sosochii ittisa godaansa seeran alaa Magaalaa Adaamaatti gaggesseera.

Konfiransicharratti Ministerri Ministeera Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa Dr.Irgooggee Tasfayee, Sadarkaa Itti

Aanaa Mootummaa Oromiyaatti Kilaastara Hawaasummaa Obbo Abdulhaakim Muluu, Hoogganaa Biroo Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa Obbo Araarsoo Biqilaa dabalatee keessummooniifi caasaaleen mootummaa sadarkaa sadarkaan jiran argamaniiru.

pirezidaantii Naanno Qindeessaan Havaasummaa Dr.Irgooggee Tasfayee konfiransicharratti ergaa dabarsaniin godaansi seeran alaa miidhaa qaamaafi xinsammuu dhaqqabsiisurra darbee kabaja biyyaa xiqqeessa jira jedhanii, kanaaf mootummaan godaansa seeran alaa kana hambisuuf s e e r o t a a f i *Gara fuula 14tti*

Hirmaannaafi fayyadamummaa dubartoota mirkaneessuuf xiyyeffannoon kenneme hojjetamaa jiraachuun ibsame

Masarat Amanaatiin


Biiroon Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Oromiya gamaggama raawwii hojii ji'oottan jahan darbanii caasaasaa sadarkaan jiran waliin guyyoota lamaaf tibbana Adaamaatti qorataa ture xummureera.

Waltajji gamaggamaa kanarratti haasaa kan taasisan Hooggantuun Biirichaa Aadde Mabraat Baacaa raawwii keessatti ciminootaafi hanqinoota jiran adda baasuun ciminoota jiran itti fufsiisuuf, hanqinoota jiraniif immoo furmaata kaa'uuf kan iratti waliigalameedh jedhan.

Biiriichi hojii hojjetu fayyadamummaa daa'immanii dubartootaan madaalaa deemuun karoora xiiqii bara kanaa qabatamee hirmaannaafi fayyadamummaa dubartootaakka summaa *Gara fuula 14tti*

Gumaata Gumaata
Gumaata Gumaata
Gumaata

Gumaata



Qorbisa

Gadaan sirna bulchiinsaa ummanni Oromoo baroota dheeraa keessa sochii jirenya hawaasummaasaa keessatti ummatedha. Gadaan sirna baay'ee bal'aafi falaasama siyaasaa, amantii, dinagdee, aartii, hawaasummaafi sochii ummanni Oromoo uumama naannoosaa waliin qabu geggeessu hundaaf bu'uura ta'uun baroota dheeraaf ittiin of geggeessaa turedha. Bulchiinsi sirna Gadaa Oromoo akkuma sirna dimookiraasi ammayyaa qaama bulchiinsaa mootummaa sadeen: qaama seera baasu (Tumu), qaama seera hiikuufi qaama seera raawwachiisu kan qabudha.

Akka sirna Gadaa Oromootti baalliin tokko gara taayitaa gadoomaatti kan deebi'u waggaa 40 boodadha. Baalliin gogeessi Gadaa aangoo Gadaa hin qoodanne yookaan carraan marsaan hin geenyen hin jiraatu. Sirna Gadaa keessatti namni tokko abbaa Gadaa ta'uun dura sadarkaleefi madaallii hojii adda addaa keessa qaxxaamuruun ulaagaa sirna Gadaa isa taasisu guutuun dirqama isarraa eegamuudha.

Sirna Gadaa keessatti bakki bulchiinsi Gadaa itti wal gahuun sirnoota garaagaraa itti raawwatan Ardaa Jilaa jedhama. Akka sirna Gadaatti Ardaan jilaa wiirtuu yookiin coffee seeronni sirna kanaan wal qabatan itti tumamanifi hojiirra akka oolaniif itti lallabamanidha. Me'en Bokkoo ardaalee jilaa Oromoo Gujii itti godaanuun sirnoota adda addaa itti raawwatomu keessaa isa angafadha. Giddugala aadaafi seenaa ummata Oromoo Gujii keessatti Caffee yaa'iifi tumata aadaa ittiin bulmaata sirna Gadaati. Ardaa jilaa Me'e Bokkotti sirnoota garaagaraatu raawwatomu. Wal harkaa fuudhiinsi baallii waggaa saddeet saddeetiin itti

raawwatomu, seeronni garaagaraa ni tumamu, Bantii itti haaddatu, Maqa baasa (Maqaa nama itti baasu) itti raawwatu, waddeessa muraan itti raawwatomu, Qorbisaan ni gaggeeffama.

Wal harkaa fuudhiinsa baallii Gadaa Oromoo Gujii taasifamu keessatti ulaagaleefi sirnoota garaagaraatu raawwatomu. Ulaagaaleefi sirnoota baallii kennuufi fudhachuuf taasifamu hunda barreeffama gabaabaa kanaan dhiyeessuun ulfaataa waan ta'eef ammaaf Gaazexaan Kallacha Oromiyaa sagantaalee Oromooon Gujii Gadaa tokkoraa gara Gadaa biraatti baallii dabarsuuf ardaa jilaa Me'e Bokkotti raawwatu keessaa tokko kan ta'e waa'ee Qorbisa Waajjirri Kominikeeshinii Godina Gujii nuu erge akkaataa armaan gadii kanaan qindeesseera.

Qorbisa jechuun marii kolbaa yookaan hawaasa bal'aan jila gumiifi walharkaa fuudhiinsa baallii Gadaarratti argamanii taasisaniidha. Qorbisaan kan teessisu Abbaa Gadaa waggaa saddeet aangoorra turee baallii gara Gadaa biraatti dabarsuudha. Qorbisa wanti gumiilee Gujii kaanirraa adda taasisu sagantaa marii hawaasni hunduu irratti hirmaatu ta'uun isaati. Qorbisarratti kutaaleen hawaasaa kamiyyuu umrii, koorniyaa, bifaa, beekumsaafi sabaan osoo hin daangeffamiin dhorkaa tokko malee dhimma dhuunfaasaaniis ta'e rakkoo hawaasa keessa jiru iftoominaan iddo itti dhiyeessanii irratti mari'ataniidha.

Qorbisi waltajji dimookiraataawaa Gadaan baallii kennu turtii waggoottan saddeettan biyya bulche keessatti hojii raawwataa turefi kanneen osoo hin raawwatiin hafe ibsa bal'aa hawaasaaf itti dhiyeessuudha. Harcaatii

hojii dhimmoota nama dhuunfaas ta'e hawaasa baldhaa bara Abbaa Gadaa baallii ofirraa kennuuf deemu keessatti mul'atan Gadaa baallii fudhachuuf qophaa'e keessatti furmaata akka argatanifi hubannoonaan itti kennaniidha.

Ibsa Abbaan Gadaa baallii dabarsu Qorbisarratti kennu kana hoggansi paartilee shananii (haganaan sagal) hundaa irratti hirmaachuun ni dhaggeeffatu; yaadaas ni dhiyeessu. Qorbisa kanarratti sagaleen nama kamyuu ni dhaga'ama; ni fudhatamas. Dubartooniis gamasaaniti dhimmoota bara Gadaa aangoo kennuuf qophaa'e kana keessa rakkoo isaanirra gahaa ture akkaataa barbaadaniif ifatti gumii kanarratti abbootii Gadaatti ni dhiyeeffatu.

Qorbisi guyyoota 28 Gumiin Bokkoo teetee seerota gara garaa tumtee lallabdu hunda waaree duuba taa'anii seerota gumiin tumaman kutaaleen hawaasaa hunduu irratti hirmaatanii seera ifa hin ta'in kan itti ifoomsaniidha. Gumiin bokkoo guyyoota 28 teettu keessatti dhimmoota uumaa, ummamaa, ilmaifi intala, bosonaafi bineensota bosonaa, margaa, malkaa, daangaafi kkf... irratti lallabuun Gadaan sadanuu gooroofi gooree isaatti galee kolbaaf (ummataaf) akka lallabu kallattii kaa'uun gumiin xumurama. Seeronni tumamanii lallabaman kun guyyaa sanarrraa eegalee hawaasa biratti hojiirra oola. Hawaasa maraanis ni kabajama; ni sodaatama; ni hordofama. Gumiin erga seera tumtee xumurteen duuba sirna Haganaa galchiisaatti Gada Uraigatiin raawwatomu.

Waajjira Kominikeeshinii Godina Gujii in kan nuuf ergamerraaf qindaa'e

Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!

Kallacha Oromiyaa

Bara 1986 hundeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Opheessaa Beeksisa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii : www.kallachaoromiya.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo

Ganna Bona hojennee, kan arganneras qusannee imala badhaadhinaa jalqabne fiixaan baasuuf ammas xiiqiin hojjechuu qabna!

Waggoota shanan darbe dura jijiirama aarsaa qaalii kaffalchiiseen gara Aangoo jiddugaleessaa muum mee biyyaatti kan dhufan Looretni nagaa Addunyaa, Ministerri Muum mee Itoophiyaa Doktar Abiyyi Ahimad imaammataafi tarsiimoo tarkaanfi haaraan dabaalame bocuun gootummaa Itoophiyaa guutuu taasisuuf tarkaanfiwwan garaagaraa fudhachaa jiru.

Injifannoo dhiiga keenyaan arganne dafqa keenyaan guutuu taasisfna ejjennoo jedhu qabachuufi cichoomina guddaaniis olkaa'insa Itoophiyaa mirkaneessuuf hojileen damdaneessi hojjechaa jiran biyya keenya daandii milkaa'inaarra qajeelchaniiru.

Seena biyya keenya keessatti Itoophiyaaan yeroo jalqabaatiif hooggansa Ministira Muum mee Doktar Abiyyi Ahimad kennaniin misooma qamadii waqtii Bonaa kan eegalte qofa osoo hin taane oomisha qamadii baasii guddaan biyya alaarraa bitamaa ture biyyuma keessatti oomishuu bira darbatee biyya alaaf erguu jalqabdeetti.

Kana malees, wabii nyaataa mirkaneessuuf carraawan jiru hunda daguuganii fayyadamuu rakkoowwan mudatan damdamachuu qofa osoo hintaane gara carraa gaariitti jijiiruuni hooggansa cimaa jaaraan 21ffaa kun barbaadu kan kenna jiranidha. Kunimmoo biyya keenyaaf qofa osoo hin taane Afriikaa guutuu boqonaa haaraadha.

Kanaanis wabii nyaataafi dhiyeessii nyaata madaalawaa mirkaneessuuf cichoomina, kutannoofi hoggansa kennan akkasumas wabii nyaataa mirkaneessuuf furmaata kalaqaa hordofuun oomisha qamadii argamsiisianni badhaasni Medaaliyaa "Agricola" Dhaabbata Nyaataafi Qonna Mootummoota Gamtoomaniin badhaafaman karoora Imala Badhaadhinaa milkeessuuf qabatamee hojjetamaa jiruuf agarsiiftu guddaadha.

Sammuun waan gaarii yaadee karoorse, harki waan gaarii hojjetee milkeesse Badhaafamaadha. Mootummoota Naanno Oromiyas tarkaanfi haaraa hoggansa Ministira Muum mee Dr Abiyyi Ahmad kennan fudhachuu uummata isaa hiriirsee imala hiyyummaa moo'achuuf taasisfamaa jiru cimsuun milkaa'inaaf hojjechaa jira.

Badhaasni Medaaliyaa Dhaabbata Nyaataafi Qonna Mootummoota Gamtoomaniitiin Muum mee Ministeeraan keenyaaf kennname kunis naanno keenyatti damee hundaan fiixaan baasuuf kan nu onnachiisedha.

Kallattii hooggansi keenya kenu fudhachuu uummanni keenyas xiiqiin milkaa'inni argamsiise biyya keenyatti kabaja horaa jiraa jira. Akka naanno keenyatti hojiin jalqabne kun xiqaan yoo ta'u kan nu hafu guddaadha. Aadaa hojii keenya fooyessuun Ganna Bona hojennee, kan arganneras qusannee imala badhaadhinaa jalqabne fiixaan baasuuf ammas xiiqiin hojjechuu qabna.

Kallattii hoggansi keenya nuuf kenu fudhannee, tokkummaa keenya jabeessinee milkaa'ina waloon arganne waloon cimsinee itti fusfisaa hanqinaalee hojii keessatti mul'atan furuun Imala Badhaadhinaa galmaan ga'uuf xiiqiin hojjechuu qabna.

Hiyyummaa xurii dhiqamee buhu malee godaannisa hin fayyine miti. Milkaa'ina argachaa jirru gama hundaan utubnee, Biyya keenya fakkeenyaa Badhaadhinaa Afrikaa taasisuuf xiiqiin akka hojennu waamicha dhiyeessina.



Naanno Oromiyaatti biqiltuun buna Biliyooni 2.5 ol dhaabbiif qophaa'aa jira

Iziqi'eel Tashoomaatiin

Naanno Oromiyaatti inisheetiivii misooma buna eegalame milkeessuuf ganna 2016tti biqiltuu buna sanyii filatamaan biliyoona 2.5 ta'u qophaa'e kunuunfamaa jiraachuu Biiroon Qonna Oromiyaa beeksise.

Inisheetiiviwwaan damee qonna Motummaan Nanno Oromiyaa hojira oolchaa jiru keessaa tokko inisheetiivii misooma buna ta'uufi hojii damee kanaa milkeessuuf qophii gahaan taasisfamaa jirachuu Itti aanaa Hogganaafi itti gaafatamaan Damee Misooma Bunaa, Muduraa, Shaayeefi Mi'eessituu Obbo Mahaamadsaani Amiin yaadachisaniiru.

Biqiltuun buna dhaabbiif Ganna bara 2016f qophaa'e kunuunfamaa jiru kunis, lafa haaraa dabalataa hektaara kuma 500 ol uwvisuun kan dandeessisu akka ta'e ibsuun, booli biqiltuu bunaas gamanumaa qophaa'aa akka jiru Obbo Mahammadsaani himaniiru.

Gama biroon, oomishaafi oomishtummaa buna dabaluuf bara kana qofa lafa buna

hektaara kuma 155 biqiltuu sanyii filatamaan bakka buusuuf gamashun haaromsuuf hojjetamaa jira jedhan.

Bara oomisha 2015/2016 kanaan hanga oduun kun qindaa'etti callaa buna kuntaala miliyoona 11.75 lafa hektaara miliyoona 2.8 misome keessaa, lafa hektaara miliyoona 2.5 iraa walitti qabuun gabaaf dhiyeessuun eegalameera jedhan. Oomishni kunis qulqullina eeggatee waliitti akka qabamuuf haal dureewan addaaddaa dursee hojjetamaa turus Obbo Mahammadsaaniin yaadachisaniiru.

Hojii inisheetiivii bunaan qabamee hojjetaama tureen oomishaafi oomishtummaan buna dabalaah dhufeera jedhaan. Sirna gabaa buna ammayeessuun walqabatees cancalaa sirna gabaa kanaan dura ture gabaabsuudhaan qonnaan bulaan naannichaa gabaa biyyaa keessaaf dhiyeessuu bira darbee alergii keessatti qooda fudhachiisuu fayyadamummaa oomishtoota buna naanno Oromiyaa guddisuuf hojjetaamaa akka jirus himaniiru.

Beeksisa

Arsii

Obbo Barihee Misginnaa Iquba'igzii Magaalaa Asallaa ganda 07 keessatti iddo mana jireenyaa mirkinaa'eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 842/74 ta'een galmaa'ee naaf kennname waan najalaa badeef kan biraak akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate raga abbaa qabiyee kan biraak kennamuuf ta'uuni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Obbo Abdusalaam Muhaammad Kaartaa Lakk.isaa 0638483 ta'e maqaa isaaniitiin Magaalaa Dheeraa keessatti galmaa'ee kennnameef waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa hojjatamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahe guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraak bakka bu'ee abbaa dhimma kanaaf hojjatamee kan kennamu ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Dheeraa.

Obbo Saanii Ahimad Kaartaa Lakk.isaa 0638482 ta'e maqaa isaaniitiin Magaalaa Dheeraa keessatti galmaa'ee kennnameef waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa hojjatamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahe guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraak bakka buufnee abbaa dhimma kanaaf hojjatamee kan kennamu ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Dheeraa.

Obbo Waayyu Mishuu Briisoo Magaalaa Dodolaa ganda M/Waabee keessatti lafa tajaajila mana jireenyaa qaban Nagahee lafaa Lakk. isaa 825571 bara 1990 ta'e lafa karee meetira 250 M² irratti galmaa'ee naaf kennname waan na jalaa badeef kan biraak akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate kophii nagahee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Dodolaa.

Obbo Aschaaloo Indashaawutiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Innitaagal Indashaawu fa'aa N-3 fi Himatamaa isin jidduu falmii waa'ee murtii badiinsaa jiru ilaachisee himatamaan mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 04/06/2016 sa'atii 4:30irratti akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, yoo dhiyaachuu baattan mirgi falmachu keessan bira darbamee falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta'u manni murtii ajajeera.M/M/Shari'aa/A/Doddotaa.

H/Kadiir H/Daatuu Kaartaa mana magaazanaa waraqaa ragaa Abbaa qabeenyummaa (saayitii) harka isaanii jiru Lakk.Kaartaa isaa 1627/30/86 ta'e Magaalaa Boqqojjii ganda O/Tokkummaa keessatti galmaa'ee kennnameef waan na jalaa badeef kan biraak bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahe guyyaa 20 keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa kan biraak bakka buufnee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Boqqojjii.

1^{ffaa} Aadde Ayyalech Baalchaatiif

2^{ffaa} Aadde Balaayinesh Cabbudeetiif Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Amaan Qaasimiifi Himatamtoota isin jidduu falmii qarshii jiru ilaachisee Himatamtooni mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 28/05/2016 sa'atii 8:30irratti akka dhiyaattanii murtii ajajeera.M/M/A/ Magaalaa Asallaa.

1^{ffaa} Taaddalech Jaarsootiif

2^{ffaa} Teedii Alamuutiif

3^{ffaa} Sannaayit Ayyalaatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Baankii Siinqee Waldaa Aksiyonaa Damee Asallaafi Himatamtoota isin jidduu falmii waliigaltee liqaa jiru ilaachisee Himatamtooni mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 29/05/2016 sa'atii 8:00irratti deebii keessan barreffamaan dhiyeffattanii akka falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta'e mirgi deebii dhiyeffachuu keessan bira darbamee falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta'u manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Arsii.

Obbo Bachee Fatoo Anagee Magaalaa Dodolaa ganda M/Waabee keessatti lafa tajaajila mana jirenyaa qaban Nagahee lafaa Lakk. isaa 505868 bara 2000 ta'e lafa kaaree meetira 160 M² irratti galmaa'ee naaf kennname waan na jalaa badeef kan biraak akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate kophii nagahee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Dodolaa.

1^{ffaa} Aadde Gannat Ayyalaatiif

2^{ffaa} Aadde Tigisti Ayyalaatiif

3^{ffaa} Aadde Miimmii Ayyalaatiif

4^{ffaa} Aadde Burtukaan Tasfayeetiif

5^{ffaa} Aadde Tigisti Tasfayeetiif

6^{ffaa} Aadde Hiruut Tasfayeetiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Taaddasaa Dabalee fi Himatamtooni isin jidduu falmii sivilii jiru ilaachisee Himatamtooni kun mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 29/05/2016 sa'atii 8:00 irratti deebii keessan barreffamaan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Heexosaa.

Obbo Asaffaa Zamadkuun Magaalaa Nageellee Arsii ganda malkaa shaayiitti keessa jiraataa kan ta'an waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa isaanii Lakk. Kaartaa isaa Ar/N/6430/2001 kan ta'e waan na jalaa badeef kan biraak bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu kaartaa kana nami arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahe guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. dhiyaachuu baannaan kaartaa kan biraak bakka buufnee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Arsii.

Aadde Kokkob Sintaayyoo waraqaa qabiyee Lafaa (Kaartaa) harka isaanii jiru Lakk. Faayilaa 89092 Lakk. Kaartaa isaa 20749 ta'e Magaalaa Shaashamannee ganda Diidaa Boqqee keessatti bali'inni iddo 200M² irratti argamu tajaajila iddo mana jirenyaa kan ta'e sadarkaa iddo 1ffaa Lakk. iddo SH/DB/KD/04/12A Dheerina Gamoo G+0 kan ta'e ragaan oriijinaalli isaa harka isaanii jiru waan jalaa Badeef kaartaan kan biraak bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, beeksifni kun bahee guyyaa 20 qilleensa irra edda oolee booda mormiin yoo hin jiraanne kaartaa kan biraak bakka buufnee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaashamannee.

Obbo Siisaay Geetuu waraqaa qabiyee Lafaa (Kaartaa) harka isaanii jiru Lakk. Faayilaa 89093 Lakk. Kaartaa isaa 2633 ta'e Magaalaa Shaashamannee ganda Awaashoo keessatti bali'inni iddo 350M² irratti argamu tajaajila iddo mana jirenyaa kan ta'e sadarkaa iddo 2ffaa Lakk. iddo 01/119 Dheerina Gamoo G+0 kan ta'e ragaan oriijinaalli isaa harka isaanii jiru waan jalaa Badeef kaartaan kan biraak bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, beeksifni kun bahee guyyaa 20 qilleensa irra edda oolee booda mormiin yoo hin jiraanne kaartaa kan biraak bakka buufnee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaashamannee.

Obbo Muusxafaa Caffaa Kaartaa mana magaazanaa waraqaa ragaa Abbaa qabeenyummaa (saayitii) harka isaanii jiru Lakk.Kaartaa isaa 844/268/91 ta'e Magaalaa Boqqojjii ganda O/Tokkummaa keessatti galmaa'ee kennnameef waan na jalaa badeef kan biraak bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa kan biraak bakka buufnee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Boqqojjii.

Baale

Komaandar Gaaddisaa Hundee Galataa galmeen G-1318 ta'e haftee kaartaa mana jirenyaa lakk. isaa 6558/2013 magaalaa Roobee ganda Caffee Walta'ii keessatti maqaasaaniitiin galmaa'ee jiruu qabate mana galmee keessaa yeroof waan dhabameef namni ykn qaamni ragaa kana qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessuu baate kaartaa kan biraak bakka buufnee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. W/L/B/Magaalaa Roobee

Abdurhamaan Sh/Ibraahim mana jirenyaa magaalaa Gooroo ganda 01 keessatti galmaa'ee beekamu ballinnisaa M² 200 ta'e Zubeeyidaa Adamitti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessa haa dhiyaatu. W/L/Magaalaa Gooroo



Gosoota nyaata aadaa Oromoo Horroo Guduruu Wallaggaa

Aadaan hiika bal'aafi qabeentaawwan hedduu kan of keessatti qabatudha. Mallattoo eenyummaa saba tokkoos kan ibsudha. Fakkeenyaaaf aadaa nyaataa, uffataa, sirbaa, kabaja ayyaanaa, sirna gaddaafi gammachuu akkasumas haala fuudhaafi heerumaa hunda ilaala. Sabni tokko qabeentaafi haala raawwii aadaasaatiin sabaafi sablammoota birooraa adda ta'ee beekama. Kanaaf Aadaan calaqqe sabaati jedhama.

Sabni Oromoo Aadaafi duudhaa hedduu qaba. Aadaan Oromoo kun akkuma Oromoona lafa bal'aafi baay'ina hedduu qabuun iddoodhaa iddootti addaa adda ta'u danda'a. Gosoota aadaa ummanni Oromoo qabu keessaa tokko aadaa nyaataa yommuu ta'u, har'aaf gosoota nyaataa aadaa Oromoo Godina Horroo Guduruu Wallaggaa biratti beekamu keessaa isaan ijoor akkaataa asii gadiitiin qindeessineerra.

Cumboo

Cumboon nyaata aadaa Horroo Guduruu keessaa isa beekamaa yommuu ta'u, gosa midhaanii Xaafi diimaarraa kan hojjetamu ta'ee meeshaa aadaa mukarrraa hojjetamu gabatee/ Killa jedhamee beekamutti nyaataaf dhiyaata. Baaduu furdaafi dhadhaa baksatiin kan nyaatamu yommuu ta'u, nyaanni Cumboo

kun kan qophaa'u yeroo cidhaa, ayyaana garaagaraafi keessummaan kabajaa namatti dhufu kan dhiyaatu nyaataa filatamaadha.

Cuukkoo

Cuukkoon kan qophaa'u, yeroo karaa dheeraa deemaniifi gootni waraanaafis ta'e adamoo fagoo deemu, yeroo dubartiin heerumte mana warraa dubbisuuf deemu galaa qabatamee deemamuuf qophaa'udha. Innis garbuurraa dhadhaan kan hojjetamu ta'ee yeroo dheeraa turuufi jabina qaamaaf kan gargaaru waan ta'eef gootaaf qophaa'a jedhu haadhliin nyaata kana qopheessuun beekamaan.

Marqaa

Marqaan gosa nyaata aadaa ta'ee xaafi diimaa, garbuufi qamadiirraa hojjetamu danda'a. Kan qophaa'us ayyanonni tokko takko yeroo kabajamu, yeroo dubartiin deessuufi maatiin yeroo isaan barbaachisutti hojjetachuun itti fayyadamuu danda'u. Kan nyaatamus, baaduufi dhadhaan itti bakfameeti.

Caccabsaa

Caccabsaan gosa nyaata aadaa Oromoo bakka garaagaraatti beekamu yommuu ta'u, Godina Horroo Guduruu Wallaggattis beekamaadha. Innis kan hojjetamu xaafi diimaarraa ta'ee kan qophaa'u ayyaanota gurguddoofi yeroo sirni fuudhaafi heeramaa raawwatu dhiyaachuu

dhadhaan kan nyaatamudha.

Daabboo

Gosa midhaanii Qamadiifi xaafirraa qophaa'a. Gosti daabboo xaafi diimaarraa hojjetamu kun guyyaa Ayyaana Masqalaa akkuma xomborri gubateendaaraasaakeessatti bilcheeffama. Namni daabboo guyyaa Masqalaa daaraa Masqalaa kana keessatti qophaa'u kana nyaate garaa ciniinnaan isa hin qabu jedhamee amanama. Kana jechuun akka dawaatti waan fudhatamuuf ol kaa'anii yeroo garaan nama ciniinu saanduqa keessaa fuudhanii yoo nyaachisan ni fayya. Daabboon qamadiirraa hojjetamu immoo gosa lamaan kan hojjetamu ta'ee dhadhaan kan qophaa'u Daabboo Cuuphaa jedhama. Innis yeroo cidhaafi keessumsummaaf/ waamicha mana fira deeman qabatamee kan dhaqamudha. Daabboo Qamadii gogaa ykn dhadhaan kan itti hin taaneef abasuuda daakameefi soogidda daakame xiqqeessuun itti naqamee waliin kan bilchaatudha. Kunis yeroo ayyaanaa, waamichaaf mana fira deemaniifi yeroo dubartiin heerumtee deebiidhaaf mana maatishee dubbisuuf deemu qophaa'a.

Akaayii

Gosa nyaata aadaa Oromoo Horroo Guduruu Wallaggaa keessaa isa tokkodha. Gosa midhaanii garbuurraa *Gara fuula 18tti*

Asfaawu Kaffiyaalawu mana jireenyaa magaalaa Diinshoo ganda 01 keessatti lafa M² 200 irratti argamu nan gurguradha waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne kan hayyamamuuf ta'uu ni beeksifna. W/L/M/Diinshoo

Yeetinnaayeet Tafarii mana jireenyaa magaalaa Diinshoo ganda 01 keessatti lafa M² 200 irratti argamu nan gurguradha waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne kan hayyamamuuf ta'uu ni beeksifna. W/L/M/Diinshoo

Aadde Abbabech Bayyanaa mana Jireenyaa Magaalaa Alii ganda 01 keessaa qaban lakk. Seerii 0545385 Lakk. kaartaa isaa 2012/2016 kaaree meetira 300M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu akkuma jirutti dabarsanii Obbo Fiqaduu Fayyisaa Takluutti gurguratanii maqaan akka jijiiramu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraan bakka bu'ee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Alii.

Booranaa

Obbo Qaasiim Ibraahimiif B/B Obbo Abbaas Radii Kadiir qabeenyummaa isaanii kan ta'e mana Daldalaalaa Lakk. Sayit pilaanii isaa 9851/BMBN/01/01/01 ta'e lafa kaareemeetira 9.6 irratti maqaa Obbo Qaasiim Ibraahimiitiin galmaa'ee Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 02 keessatti argamu Obbo Abbaas Radiitti gurguranneera waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa

Aadde Faaliye Aliyoo Ibraahim qabeenyummaa isaanii kan ta'e mana jireenyaa Lakk. Sayit pilaanii isaa 755/85 ta'e lafa kaareemeetira 250 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 03 keessatti argamu Aadde Qabballee Nuuraa Diidaatti gurguradheera waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa

Buunoo Beddellee

Obbo Masfin Taaddasee fi Aadde Taaddaluu Irgaxee mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02(Abbaa Bokkuu) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa 4376/2007 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee lafa bali'ina isaa 160M² irratti argamu Obbo Salamoon Abarraatti waan gurguratanii jijiirraan maqaa nuuf haa raawwatuu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarrraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta'e jijiirraan maqaa kanaa kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Obbo Alamaayyoo Tolaa mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02(Abbaa Bokkuu) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa 701/99 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef kaartaan kun waan na jalaa badeef kan biraabakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarrraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne kaartaa kan biraabakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Obbo Badiruu A/Olii mana jireenyaa balbala tokko Magaalaa Dambii ganda 01 zoonii Tokkummaa keessaa qaban Qees Darib Galaawutti gurguradheera waan jedhaniif namni mormu yoo jiraate guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Dhidheessaa.

Aade Qalmuwaa Makuriyaa mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02(Abbaa Bokkuu) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa 4693/2010 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee lafa bali'ina isaa 250M² irratti argamu Obbo Silashii Haabtaamuutti waan gurguratanii jijiirraan maqaa nuuf haa raawwatuu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarrraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta'e jijiirraan maqaa kanaa kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Gujii

Aadde Qexoo Ilalaa mana jireenyaa Lakk. isaa --- ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana daldalaalaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Wooyuu ganda B/Biluu keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 400M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 987/06 ta'e Aadde Dingatee Katureetti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyanno isaanii dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Wooyuu.

Aadde Birqee Jaboo Abdulqaadir mana jireenyaa Lakk. isaa ---- ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Wooyuu ganda Odoo Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 190M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 7786/16 ta'e Aadde Masarat Birhaanuu G/Maariyaamitti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyanno isaanii dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Wooyuu.

Gicoo Guutaa Birruu mana jireenyaa Lakk. isaa AW/Gig/18/143 ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Wooyuu ganda Laga Gafarsaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 259.2M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 7585/2016 ta'e Abraraawu Takaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyanno isaanii dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Wooyuu.

Obbo Nagaasoo Edeemaa mana Daldalaalaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arabaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Galgaloo Girjaatti gurgureera jedhanii. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Daanyaachewu Baqqalaa mana Daldaalaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 56M² irratti argamu dabarsanii 1ffaa Obbo Umar Booruu 2ffaa Obbo Isaaq Huseen 3ffaa Obbo Alii Huseenitti gurgureera jedhanii. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Mokonnin Woyyeessaa mana Daldalaalaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Isarraa Mokonniniti gurgureera jedhanii. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Darasaa Ejersaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Mokkonaa Oddootti gurgureera jedhanii. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde Maqidas Baddiluu mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 202.25M² irratti argamu bakka Bu'ummaa Obbo Biruuk Xilahuuntiin dabarsanii Aadde Asteer Tamasgeenitti gurgureera jedhanii. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Iluu Abbaa Boor

Aadde Qiddisti Wubee mana Jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Qolloo Kormaa keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4487/03/2016 ta'e Lafa bali'inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2ffaa tajaajila iddo R1 ta'e maqaa Haj.Jaafar Abduutti galamaa'ee beekamu Obbo Jamaal Saabiriifi Abdallaalaa Kaasaatti gurguradheera waan jedhanii akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu.

Aadde Amit W/Giyoorgis mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01 keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa'ee lafa bali'ina isaa kaaree meetira 200M² irratti argamu Obbo Waaqjiraa Malkaamuutti gurguradheera jira waan jedhanii jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Yaayyoo.

Obbo Giraanyi Kannisee mana balbala tokko magaalaa Laaloo ganda 01 keessatti maqaaisaaniitiin galmaa'ee jiru lakk. kaartaasaa 0312219, bal'innisaa M² 300 ta'e Obbo Muhiiddin Jamaalitti waan gurguratanii kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/Aanaa Diiduu

Obbo Birhaanuu Mokonnoniifi Salamoon Ambaayee mana jireenyaa magaalaa Hurrumuu ganda 01 keessatti maqaasaaniitiin galmaa'ee jiru, ballinnisa M² 4500 ta'e Obbo Indaalee Mokonnoniif kenneera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/Aanaa Hurrumuu

Obbo Habtaamu Kaaraa mana jireenyaa magaalaa Hurrumuu ganda 01 keessaa qaban maqaasaaniitiin galmaa'ee jiru, ballinnisa M² 200 ta'e Obbo Bafirduu Dibaabaatti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/Aanaa Hurrumuu

Aadde Faantaayee Warquu mana jireenyaa magaalaa Hurrumuu ganda 01 keessaa qaban maqaasaaniitiin galmaa'ee jiru, ballinnisa M² 200 ta'e Obbo Galaanaa Addisuutti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/Aanaa Hurrumuu

Obbo Xilaahun Zawudee mana jireenyaa magaalaa Yaayyoo ganda 01 keessatti maqaasaaniitiin galmaa'ee jiru lakk.kaartaasaa Dhu/652/2016, ta'e Obbo Abbaayi Makkateetti waan gurgurataniiif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/Aanaa Yaayyoo.

Aadde Fireehiwoot Ayyalee mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01zoonii Beelaabaas keessaa jiru maqaa isaaniitiin galmaa'ee lafa bali'ina isaa kaaree meetira 200M² irratti argamu Obbo Malaakuu Taammiraatitti gurguradheen jira waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Yaayyoo.

Obbo Baqqalaa Dammaqaa mana Jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda A/Molee keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 3018/02/2012 ta'e Lafa bali'inni isaa 500M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2^{flaa} tajaajila iddo CO ta'e Aadde Mihireet Hayiluutti gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk. 721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Jimmaa

Obbo Tarrafaa Caannee Addemee warqaa ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Galmee isaa 21051299 fi koodii addaa Cittuu lafaa OR004070805008 kan ta'e tajaajila Mana jirenyaaatiif kan oolu Magaalaa Jimmaa ganda Ginjoo Guduruu keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Dargaggooni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!

Obbo Hayiluu T/Yohaannis Lakk.kaartaa hin sochoone 2245/2002 tajaajila Mana jirenyaaatiif kan oolu Magaalaa Jimmaa ganda B/A/Katamaa keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Shawaa

Caalbaasii

R/Himattooni Miniyaahil Darajjeefi R/Himataatuun Beetaliheem Darajjee jidduu falmii raawwii jiru ilaachisee mana jirenyaa Magaalaa Adaamaa Ganada Badhaatuu keessatti argamu Lakk. Manaa 357 kan ta'e lafa kaaree meetira 198.76 irratti qubatee maqaa du'aa Obbo Dubbaalaa Wandimaaganyiitiin galmaa'ee argamu ka'umsaa caalbaasii qarshii 969,416,25tiin gaafa 30/05/2016 sa'aati 3:00 - 6:30tti caalbaasii ifa ta'een bakka manni kun argamutti waan gurguramuuf, namoonni bitachu barbaaddan ka'uumsaa caalbaasii irraa ¼ CPOn baankiitti qabsiisitanii waraqaa eenyummaa qabchuudhaan iddo, sa'aati fi guyyaa jedhametti dhiyaachuu dorgomtanii bitachuun kan dandeessan ta'u manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Abbaa Gadaa.

Obbo Dabbabaa Saahiilee Lakk. Kaartaa isaa 4/1321/87 ta'eefi D-1258 ta'een galmaa'ee naaf kennamee mana galmee waajjiraa keessaa yeroodhaaf bakka irraa argamuwaan hin dandeenyef namni ragaa kana arge ykn sababa adda adaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti toftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Yashaarag Yirgaa Nagahee mirriiti iddo mana jirenya lakk. 557758 ta'e maqaa isaaniitiin Magaalaa Sululta keessattii galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu qaamni ragaa kana arge ykn sababa addaatiin kan qabatee jiru yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojji 20 keessatti Waajjira Lafa kutaa Magala Sulultaatti akka dhiyaattan, kun kan hin tanee tanaan ragaa biraa hojenne kan kenniuuf ta'u ibsa, beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojenne ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Sululta.

Aadde Geexee Shifarrawu Nagahee Lakk. 29280 ta'e Maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaaf gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Aadde Baatirii Birissaa Nagahee Lakk. 292884 ta'e Maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaaf gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhu kan kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Obbo Magarsaa Dhinsaa mana jirenyaa Magaalaa Amboo ganda Torban Kuttaayee keessatti kaartaa Lakk. isaa 4/494/87 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda adaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20keessatti akka deebisuu. Kana ta'u baannaan raga kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Amboo.

Obbo Dammaqaa Fayyeerra mana jirenyaa Magaalaa Amboo ganda Yaa'ii Gadaa keessatti kaartaa Lakk. isaa BNMA/4175/98 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda adaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20keessatti akka deebisuu. Kana ta'u baannaan raga kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Amboo.

Obbo Nagaasaa Malkaa Nagahee Lakk. 1927038 ta'e Maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaaf gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhu kan kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Obbo Naasir Mahaammad Lakk. Nagahee isaa 169074 ta'eefi Lakk. Galmee N - 699 ta'een galmaa'ee naaf kennamee mana galmee waajjiraa keessaa yeroodhaaf bakka irraa argamuwaan hin dandeenyef namni ragaa kana arge ykn sababa adda adaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti toftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Taaddasaa Yaadatee Nagahee Lakk. isaa 1502366 ta'e waanna jalaa badeef kan biraa akka kennamuuf gaafataniii waan jiraniif qaamni ragaa kana sababa addaatiin harkaa qabu beeksifni kun ba'e guyyaa 30 keessatti Waajjira Lafaa kutaa Magaalaa Galaan Guddaatti akka dhiyaattan, kan hin dhiyaanne yoo ta'e nagahee kan biraa baafachuu akka danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

Obbo Dhugaa Buttaa mana jirenyaa Magaalaa Maqii Ganda Odaa keessaa qaban Kaartaa Lakk. isaa 814/01/Maqii/97 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kan argeera ykn sababa adda adaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka deebisuu beeksisaa, yoo ta'u baate hafteen kan keessummeesinuufi kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Maqii.



Muuxanoo

Masarat Amanaa

Inisheetivii misooma qamadii boneefi badhaasa 'Agricola Medal'

Minisitira Muummee FDRI Dr. Abiyyi Ahimad

Jalqaba waggoota jijiiramaa kaasee mootummaan jijiiramaa dhimmi adda durummaan qabate keessaan inni tokko dinagdee biyyaa dadammaqsuudhaan wabii midhaan nyaataa lammilee mirkaneessuudha. Bu'uruma kanaan mootummaan jijiiramaa waggoottan shanan darban keessaan tarkaanfilee haarawaa (inisheetivii haaraa) wixinuu hojiirra oolchaa tureera.

Keessattuu ilaalamaaifi yaadama Ministira Muummee FDRI Itoophiyaa Dr. Abiyyi Ahimad tiin inisheetiviin Qamadii Jallisii hojiirra ooluu jalqabuu waliin walqabatee aadaa hojii qonnaan bulaa keenyaa jijiiruu danda'uun dabalatee carraaqpii biyyattiin wabii midhaan nyaataan of danda'uuf taasisaa jirtu bu'aa eeyyentaa argamsiisuurra darbee beekkamtiid idil addunyaa argamsiisaa jira.

Kunimmoo Falaasamaafi yaadama mandhalee mootummaa jijiiramaan wixinameefi carraalee hunda fayydamuuf tarkaanfilee fudhataman ta'uun kan namatti agarsiisuudha. Yaadamniifi ilaalmni mandhalee Minisira Muummeen Dr. jalqabame kun keessattuu inisheetivii oomisha qamadii bonee hojiirra ooleen qamadii alaa galchuun hafuu ofifuu biyyittiin sharafa biyyoota ollaaf dhiyessuun argachuu danda'uun gurra biyyoota addunyaa harkiseera, harkisaas jira. Kunis tibbana Mootummoota Gamtoomanitti, Dhaabbanni Nyaataafi Qonnaa (FAO)n badhaasa 'Agricola Medal' jedhamu Ministira Muummee FDRI Dr. Abiyyi Ahimadiif kenneera.

Ministirri Muummee Itoophiyaa, Abiyyi Ahimed mul'ataaifi gaggeesummaa wabii nyaata mirkaneessuuf qabaniif badhaasa Mootummoota Gamtoomanitti, Dhaabbanni Nyaataafi Qonnaa (FAO) kenuu 'Agricola Medal' jedhamu argatan.

Badhaasicha Xaaliyaanii Magaalaa Roomitti kan gaggeeffame yoo tahu, badhaasni kun FAO Agricola Medal jedhamuun waamama.

Haala ariitiin jijiiramaa jiru kana keessatti qamadii oomishuun of gahuufi alaa galchuu dhaabuuf kalaqa isaan itti fayyadamanifi cichoomina agarsiisanifi badhaasicha akka kennameef ibsameera.

Minisirri Muummee Abiyyi hooggansa



kalaqaawaa wabii nyaataa, dhiyeessii nyaata madaalawaafi oomisha qamadiitiin ofdanda'uu irratti kennaniin bu'aa yeroo gabaabaa keesatti argameef, Mootummoota Gamtoomanitti, Dhaabbanni Nyaataafi Qonnaa (FAO) badhaasa 'Agricola Medal' jedhamu kenneef.

Ministirri Muummee Dr. Abiyyi badhaasicha bakka gaggeesitootni biyyoota adda addaa, bakka buutonni dhaabbilee idil-adunyaafi hawwaasni dippiloomaatii jirutti fudhatan.

Waggoota shanan darbaniif Itoophiyaan jallisiifi yeroo gannaan qamadii oomishuun qonna irratti jijiirama guddaa akka fidde ni beekama, dinqisiifanna guddas irraa horatameera. Itoophiyaan qamadii alaa galchaa turte dhaabuun biyyarra darbuun gara biyyoota ollaattis erguufi jalqabdeetti.

Daarikterri Waliigalaa FAO kan tahan Kiyyuu Doongiyoon badhaasicha kennanii Ministirri Muummee Dr. Abiyyi Ahimadiin baga gammaddan jedhaniiru. Itti dabaluun misooma baadiyaafi ashaaraa magariisaa hojii Ministirri Muummee kun addatti milkeessan jechuun jajaniirus.

Badhaasichaan boodas FAO'n ibsa baaseen daarikterri Waliigalaa dhaabbatichaa waggoota shanan darban qaxanichi haala ulfaataa naannicha mudateefi idil adunyaa keessa galee osoo jiruu ministerri muummichaa hooggansa bu'a qabeessa, itti gaafatamummaa qabuufi tasgabba'e" kenuu isaaniin guddina Itoophiyaan galmeesite argineerra jedhan.

Ministirri Muummee Abiyyi waggoota shanan darban lafti qonnaa %50 aka dabalu taasisuu oomisha qamadii fi ruuziin akka haguugamu taasisuu isaanii FAO'n gabaaseera.

Dr. Abiyyi Ahimed akkuma gara aangootti dhufaniin wal dhabdee Itoophiyaifi Eertiraa waggoota kurnan lamaa ol lakkofisee hiikuun Badhaasa Noobelii Nagaa bara 2019 argataniiru. Sababa jijiirama qilleensaa, walitti bu'insaa, dhukkubaafi gatiin meeshaalee qaala'uun irraa kan ka'e lammileen Itoophiya deeggarsa midhaan nyaataa barbaadanis akka jiru ni beekama.

Badhaasa 'Agricola' jedhamu kana kana dura gaggeesitootni adunyaa adda addaafii namootni dhiibbaa uumuun beekaman argataniiru. Daarikterri FAO Kiyyu Doongiyoon, bara 2019 erga gara aangootti dhufanii as Ministirri Muummee Dr. Abiyyi nama jalqabaa badhaasicha argatanidha.

Kana dura namoota badhaasicha fudhatan keessaa tokko mootii duraanii Taayilaandi Bahumibolaa Aduleyaadej, Pirezidaantii duraanii Faransaay, Jaakes Chiraak, pirezidaantii duraanii Chaayinaa, Jiyaangi Zeminii, Pirezidaantii duraanii Masirii Hosinii Mubaarek fa'aa maqaa kaasuun danda'ama. Wal gahii Xaaliyaanii-Afrikaa jedhamuun gaggeesitootni hedduu irratti hirmaatan hariiroo Xaaliyaanii biyyoota Afrikaa waliin qabdu kan itti cimsituufi imaammata ishee itti beeksiftu ta'uutu himama.

Ministirri Muummee Xaaliyaanii Joorjiyaa Meelanii itti fayyadama aannisaa irraa eegaluun hanga *Gara fuula 19ti*



Raawwii Hojii Kilaastara Bulchiinsaafi Horataalee mootummaa ji'oota ja'an darbanii bara 2016

Mootummaan Naannoo Oromiyaa jiruufi jirenya hawaasa naannichaa fooyyessuuf karoorfatee hojjetaa jira. Galma gahinsa kaayyoo kanaaf Kilaastarri Horataalee Mootummaa galmoota lama; naannoo keenya dorgomaa taasisuufi galii dabaluurratti fulleffatee karoorfachuu hojjechuurratti argama.

Galii Mootummaa Naannichaa, dhaabbilee misooma mootummaa humneessuufi galiisaanii guddisuufi kan nama dhuunfaafi maatii dabaluun xiyyeffannoo sekteraalee horataalee Mootummaa isaan ijoodha.

Gamaggamni raawwii hojii kurmaanota lamaan jalqabaa bara 2016s bakka Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa, Af-Yaa'iin Caffee Oromiyaa Aadde Sa'aadaa Abdurrahmaan, sadarkaa Itti Aantota Pirezidaantiitti Qindeessitoonni Kilaastara hundaafi hoggantoonnii manneen hojii sadarkaa naannichaa argamanitti Mudde 6-8tti geggeeffameera.

Gabaasa Raawwiin Kilaastera Horaataalee Mootummaa ji'oottan jahan bara 2016, waltajii gamaaggamaa kanaaf, Itti Aanaa Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Awwaluu Abdiin dhiyaatee bu'uura taasifachuu akka itti aanutti qinda'ee dhiyaateera.

Kilaastarri kun, karoora xiiqii bara 2016 milkeessuuf, karoora dameen kun ittiin hogganamu qopheeffachuufi karoora kana qaama raawwatu qaqqabsiisuu, qaama raawwatuuifi raawwachiisu hubannoo waliinii fudhachuun hojiwwan boqonnaa qophii keessatti raawwataman keessaa isaan ijoo akka ta'an gabaasni dhiyaate agarsiiseera.

Dameen kun, qabeenyaa maddisiisuu (Galii, Buusaa Gonofaa, Kenna Tajaajila Lammummaa), Imaammataafi karoori osoo walirraa hin citiin hojiirra ooluusaa deggersaafi hordoffii walirraa hin cinne taasisuu, duubdeebii kennuu, bakka hojiin itti hojjetamurraa muuxannoo addaan baasuu, qindeessuufi babal'isuu akkasumas tarkaanfii sirreffamaa fudhataa adeemuu galma taasifatee hojjetaa tureera. Galii maddisiisuu bu'aqabeessummaan immoo galma kilaastara kanaati.

Galii maddisiisuu

Galii idileefi mana qopheessaa (magaalota, godinaalee) % 38 raawwatameera. Galii argame kunis raawwii bara darbe wagga guutuurra qarshii biliyoona 14n caalmaa

kan qabu yoo ta'eliee, karoora xiiqifi imala badhaadhinaa qabame waliin yoo wal biratti ilaalamu hojii guddaa kan barbaadu ta'uun ibsameera.

Galii Magaalota naannichaa 23 keessa ji'oottan jahan darbe keessatti sassabame yoo ilaallu galii guddaaan % 64 yoo ta'u xiqqaa %26 ta'u ragaan diyaate ni mul'isa. Galiin kunis, magaalota Oromiyaarraa walitti qabamu keessa %50 ol kan uuwwisan magaalota Shaggar, Shaashamannee, Adaamaa, Bishooftuu kan hammatudha. Magaalota kana keessaatti sababa rifoormii garaagaraan sassabiin galii duubatti kan harkifate yoo ta'u, kurmaana itti aanan keessatti xiyyeffannoo argachuu akka qabu kallattiin agarsiifameera. Galiin godinaalee Oromiyaa walii galaa hanga ji'a jahaffaa kanatti hanga sassabamu qabu keessa % 44 irra qaqqabeera. Waliigalaan ida'amni galii magaalaafi godinaalee xiyyeffannoo hojii itti aanuu kan gaafatu ta'uun ibsameera.

Raawwii hojii gurguddoo keessa, sassaabbiin galii idileetiin % 40 irra kan jiru yoo ta'u, kan mana qopheessaa karoora qabame keessa % 33 uuwwisuun danda'ameera. Kunis galii keessoorn alatti giddugaleessaan qarshii biliyoona 51(% 38) sassaabamu gabaasni dhiyaate agarsiiseera. Bifuma wal fakkaatuun, galii keessoorraa imala ji'oottan jahan darbeen % 28 milkeessuun danda'ameera. Adeemsa gabaasa kurmaana 2'n bara kanaa keessatti harcaattin gabaasaa kan mul'ate yoo ta'eliee, kurmaana itti aanu keessatti hanqinota galii naannichaa gad-buusan irratti xiyyeffatamee hojjetamuu akka qabu agarsiifameera.

Galii magaalaafi baadiyaarraa kurmaana 2n darbeen sassaabamaa ture keessatti caalmaa kan agarsiise, baadiyyaa (godinaalee) yoo ta'u, kan idileefi Mana Qopheessaa keessa immoo kan mana qopheessaa harkifataa akka ta'e gabaasni dhiyaate agarsiiseera. Kana fooyyessuuf ifaajii manneen hojii sadarkaan jiran hunda kan gaafatu ta'uun ibsameera.

Karoora galii kurmaanota lamaanii milkeessuun kan dadhabameef, sababoota: seeraafi labsii galii qabeenyaa arraa argamu (Property tax) hanga ammaatti hojiirra ooluu hafu, harcaatiin gabaasa uumamuu, labsiifi dambiin lafa qonnaarraa galii fooya'aa argamsisu yeroon hojirra ooluu hafuu, oomisha jimaan alatti ergamuufi biyya keessaaf dhiyaaturraa sassabbiin galii akkataa barbadamuun raawwatamuu hafuu, daldala seeraan alaafi gurmaa'issi magaalota kan akka Shaggar yeroon xumuranii karaa guutuu ta'en hojiitti galuu hafuu kan eeraman akka

ta'e ibsameera.

Qooddii bajata Naannoo Oromiyaa

Bajatni Naannoo Oromiyaa bara 2016 qar. biliyoona 221 kan caaledha. Kan bara 2015 irraa % 22.2 (caalmaa qar.biliyoona 49.1) guddina kan agarsiise akka ta'es gabaasni dhiyaate agarsiiseera. Bajata labsame keessa kan sadarkaa Naannoo % 37.8 kan uuwwise yoo ta'u, % 62.2 (qar. bil 137) sadarkaa anaatti qoqqoodamee akka gadi bu'u ta'eera.

Itti fayyadama bajataa ilaalchisee, bajanni marmaartuu, kaapitaala, ittiin eegganno sadarkaa naannoo, deeggarsi baaxii aanaaleef magaalotaafi kanneen biroo dabalatee itti fayyadami bajata naannoo hanga kurmaana 2^{ffa} bara 2016 qar. biliyoona 36.4 (% 40.9) kan hojiirra oole ta'u gabaasni dhiyaate agarsiiseera.

Odiitii ilaalchisee

Odiitii keessootiin odiitii addaa % 88fi odiitii qabeenyaa % 77, odiitii galii keessoo uwisuun danda'ameera. Arganno tureen kan godinaalee fi bulchiinsa magaalotaa walii galaan kurmaanota lamaan darbetti qar. miliyoona 44 kaazeenaa mootummaatti akka deebi'u taasifameera. Kan haferrattis xiyyeffanno hojjetamaa jira.

Bittaafi dhabamsiisa qabeenyaa mootummaa

Fedhii bittaafi gurgurtaa manneen hojiirraa dhiyaatan simachuun hojjetamaa tureera. Waliigaltee yeroo dheeraatiin bittaa qarshii miliyoona 800 rawwachuuf karoorfamee bittaan qarshii miliyoona 700 raawwatamuusaa gabaasni dhiyaate agarsiiseera. Galii gurgurtaa qabeenyaa tajaajilaan alaarra argamsiisuu hojjetamaa jira.

Kenna tajaajila lammummaatiin Galii Maddisiisuu (bu'a qabeessummaa dabaluu)

bara 2012 keessa dhaabbi biqiltuu miliyoona 3.2 ture bara 2014 keessatti gara miliyoona 4.2tti guddateera bara 2015/2016 immoo biliyoona 4.5 rawwachuun danda'ameera. Waliigalaan hojiwwan kenna tajajila lammummaatiin (Arjooma dhiigaa, balfaa maqsuu, Deeggarsa maatii harka qalleeyyii, daa'imman harka qalleeyyii deegaruu, lafa qonnaa namoota dadhaaboof qotuu, mana dullomtataa suphuufi haaraa ijaaru, daree dabalataa ijaaru, kaaabili wabii sassabuu, ibsaa fi bishaan mana barumsaaf galchu, riqicha haaraa Gara fuula 18ti

Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!

Obbo Asfaawu Ragga'uu mana jireenyaa Magaalaa Maqii Ganda Malkaa Dubbisaa keessaa qaban Kaartaa Lakk. isaa 459/03/መ/ቁ/92 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni ragaa kan argeera ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka deebisu beeksisaa, yoo ta'u baate hafteen kan keessummeesinuufi kaartaa kan biraan bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Maqii.

Aadde Manaan Jaabir mana jireenyaa Magaalaa Maqii Ganda Boolee keessaa qaban Kaartaa Lakk. isaa 472/01/Maqii/97 kan ta'eefi Nagahee Lakk. Isaa 753368 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni ragaa kan argeera ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka deebisu beeksisaa, yoo ta'u baate hafteen kan keessummeesinuufi kaartaa kan biraan bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Maqii.

Aadde Salmaa Mahaammad Lakk. Kaartaa isaa S/25005/2001 ta'e, Lakk. Galmee S-060 ta'en galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa (Kaartaa) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Balaayituu Jadaa fi Obbo Jamaanah Haassoo Nagahee Lakk. 150045 ta'e, 1881464 ta'eefi Lakk. Galmee M-2793 ta'en galmaa'ee nuuf kenname waan nu jalaa badeef namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Turaa Qalbeessaatiif

Bakka Jirtanitti

Ol'iyyataan Dh/M/Fa/Makiliitifi deebii kennaa isin jidduu falmii jiru ilaachisee deebii kennaan mana murtii kanatti himatamuun keessan beektanii beellama gaafa 29/05/2016 sa'aati 5:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Sh/Ki/Lixaa.

Obbo Mahaammad Ahimad Nagahee Lakk. 1941785 ta'e Maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjira keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhuu kana kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Obbo Warqinaa Gazzuutiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Almaayyoo Bulloo fi Himatamaan isin jidduu falmii jiru ilaachisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuun keessan beektanii beellama gaafa 29/05/2016 sa'aati 4:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/A/K/Magaalaa Furii.

Aadde Assaggadech Laggasaatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Dr/Geetaahuun Akiliiluifi Himatamtuu isin jidduu falmii dhirsafii niitummaa ykn diiggaa gaailaa jiru ilaachisee Himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuun keessan beektanii beellama gaafa 28/05/2016 sa'aati 5:00irratti akka dhiyaattan deebii keessan kennitan manni murtii ajajeera.M/M/A/K/Magaalaa Abbaa Gadaa.

Birree Gadaa Nagahee Lakk. 1927272 ta'e Maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjira keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhuu kana kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Natsaannat Warqinaa Nagahee Lakk. 430010 ta'e Maqaa Birrii Daammasaatiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjira keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhuu kana kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Salaamaawwit Tikkuu Lakk. Nagahee isaa 158833 ta'eefi Lakk. Galmee F-412 ta'en galmaa'ee naaf kenname mana galmee waajjira keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhuu kana kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Obbo Girmaa Isheetee Bulchiinsa Magaalaa Shaggar kutaa Magaalaa Galaan keessatti Lafaa mana jirenyaaatiif kenname Nagahee duraa Lakk. isaa 0046214 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef orjinaalli isaa na jalaa bade jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jirrat, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluuf akka deebisu, yoo kun ta'u baate kana duranii akka badeetti lakkaa'ame footoo koppii orjinalaa kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Kaadaasteraa Kutaa Magaalaa Galaan.

Obbo Addisuu Tasfaayee mana walmakaan Magaalaa Adaamaa ganda Biqqaa keessaa Kaartaa Lakk. isaa 2834/76 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraan akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni raga kana irraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaa fi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraan hojjetamee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa.

Obbo Tarreessa Laggasaa Lakk. Nagahee isaa 1883236 ta'en galmaa'ee naaf kenname mana galmee waajjira keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa (Kaartaa) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Mulugeetaa Taaffasaa Nagahee Lakk. 1930792 ta'e Maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjira keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhuu kana kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Aade Daraartuu Faanaa Lakk. Nagahee isaa 1883235 ta'en galmaa'ee naaf kenname mana galmee waajjira keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa (Kaartaa) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Naatinaa'eel Girmaa Nagahee Lakk. isaa 0700804 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa bade jedhanii BILF/Magaalaa Duukamitti waan iyyataniif, namni nagahee iddoomana jirenyaa isaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaattanii gabaasa gochu baattan abbaa qabeenyaa kanaaf tajaajila barbaadan hunda nagahee koppiin kan keessummeessinu ta'u ni beeksifna. Waajjira Bulchiinsaafii Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Duukam.

Obbo Wangeelu Baacaa Shuufee Bakka Bu'aa seeraa Aadde Araarsee Baayyisa Maqaasaa kan ta'an kaartaan mana jirenyaa Lakk. Kaartaa Koodii addaa cittuu lafaa OR009022005008 Lakk. seerii RH0078540 Lkk. Galmee 23083892 Lakk. Nagahee 2435164, 2435114 Lakk, aangoo bakka bu'ummaa 004031/2013 ta'e maqaa Aadde Araarsee Baayyisa Maqaasaa na jalaa bade jedhanii BILF/Magaalaa Duukamitti waan iyyataniif, namni ragaalee iddoomana jirenyaa isaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaattanii gabaasa gochu baattan abbaa qabeenyaa kanaaf tajaajila barbaadan hunda nagahee koppiin kan keessummeessinu ta'u ni beeksifna. Waajjira Bulchiinsaafii Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Duukam.

Aadde Araguwaa Dastaa Barihee Nagahee gibiraa Lakk. Nagahee 759822 ta'e Magaalaa M/Xurrii keessatti galmaa'ee kennameef na jalaa bade jedhanii nu beeksisiiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaan qabate yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 5 keessatti Waajjira lafaa Magaalaa Mukaxurrii akka deebistan ibsaa, yoo guyyaa jedhamee kana keessatti hin deebifne nagaheen kun tajaajila kamiyyuu kan hin kennine ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa M/Xurrii.

Obbo Xagguu Gululaat Nagahee gibiraa Lakk. Nagahee 22244623, 2947271, 722801, 778308 ta'eefi 0395416 ta'e Magaalaa M/Xurrii keessatti galmaa'ee kennameef na jalaa bade jedhanii nu beeksansiiru Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaan qabate yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 5 keessatti Waajjira lafaa Magaalaa Mukaxurriitii akka deebistan ibsaa, yoo guyyaa jedhame kana keessatti hin deebifne nagaheen kun tajaajila kamiyyuu kan hin kennine ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa M/Xurrii.

Obbo Kaffalaa Xaasoo Nagahee gibiraa Lakk. Nagahee 777804, 047432 ta'eefi 0664002 ta'e Magaalaa M/Xurrii keessatti galmaaee kennameef na jalaa bade jedhanii nu beeksansiiru Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaan qabate yoo jiraate, beeksifni kun bahee bahee guyyaa 5 keessatti Waajjira lafaa Magaalaa Mukaxurriitii akka deebistan ibsaa, yoo guyyaa jedhame kana keessatti hin deebifne nagaheen kun tajaajila kamiyyuu kan hin kennine ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa M/Xurrii.

Aadde Misiraa Mahaamad Nagahee Lakk. isaa 2514919 ta'e waan na jalaa badeef kan biraakka kennamuuf gaafatanii waan jiraniif qaamni ragaa kana sababa addaatiin harkaa qabu beeksifni kun ba'ee guyyaa 30 keessatti Waajjira Lafa kutaa Magaalaa Galaa Guddatti akka dhiyaattan, kan hin dhiyaanne yoo ta'e nagahee kan biraabaaafachuu akka danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa kutaa Magala Galaa Guddaa.

Himataan Dhaabbata Maayikiroo Faayinaansii Vizhiin Fandii Damee Buraayyuufi Himatamtoota 1^{ffaa} Daanyee Badhaadhaa 2^{ffaa} Baqqalaa Gonfaa 3^{ffaa} Mootummaa Mul'isaa jidduu falmii jiru ilaachisee Himatamaa 1ffaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/05/2016 sa'aatii 4:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Shaggar. M/M/O/Magaalaa Shaggar.

Aadde Salaamaawwit Tasfaayeetiif Bakka Jirtanitti

Himattuun Aadde Masarat Margaafi Himatamtuu isin jidduu falmii qarshii jiru ilaachisee Himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/05/2016 sa'aatii 4:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Duukam.

1^{ffaa} Obbo Fayyeeraa Waaqtolaatiif 2^{ffaa} Aadde Haannaa Waaqgaariitiif Bakka Jirtanitti

Oliyyataan Obbo Shallamaa Cimsaafi deebii kennitoonni isin jidduu falmii siviili jiru ilaachisee Himatamtooni 1ffaan fi 2ffaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 08/06/2016 sa'aatii 4:00irratti falmii keessan barreffamaan akka dhiyeeffattan ta'ee, kan hin dhiyeeffanne yoo ta'e bira darbamee falmiin kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera. M/W/Oromiyaa.

Obbo Saamu'eel Axilaawutiif Bakka Jirtanitti

Himattuun Aadde Gannat Guddataafi Himatamaan isin jidduu falmii diigga gaa'ilaa jiru ilaachisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 29/05/2016 sa'aatii 4:00irratti deebii keessan barreffamaan akka dhiyeeffattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Duukam.

Lafawwan miidhaman xuxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi'anii akka dandamataniifi oomishitummaansaani akka dabalu gochuun ni danda'ama!

Obbo Geetaahuun Behabteetiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Barihee Takileefi himatamaa isin jidduu falmii qarshii jiru ilaachisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 27/05/2016 sa'aatii 5:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Boolee.

Iyyattuun Aadde Fatiyyaa Asiraariifi R/Himatamaa Obbo Muhaammad Mussaa jidduu falmii dhirsafii niitummaa jiru ilaachisee R/Himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/05/2016 sa'aatii 4:40irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/Shari'aa/A/Adaamaa.

Obbo Didhaa Tasammaatiif

Bakka Jirtanitti

Iyyataan Obbo Baqqalaa Daadhii Tasammaafii waamamaa isin jidduu waa'ee murtii badiinsa jiru ilaachisee waamamaan kun yoo jiraate mana murtii kanatti barbaadamuu keessan beektanii beellama gaafa 01/06/2016 sa'aatii 4:00irratti akka dhiyaattan ta'ee, dhiyaachuu baannaan iyyataaf murtii badiinsaa kan kennamuuf ta'uu manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

1^{ffaa} Obbo Zamikaa'eel Uqqubaatiif

2^{ffaa} Obbo Misguun Girmaayiitiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Daani'eel Tasammaa fi Himatamtoota isin jidduu falmii qarshii jiru ilaachisee Himatamtooni mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii dhimmi ittiin himatamtanii beellamarra jiraachusaa beektanii beellama gaafa 04/06/2016 sa'aatii 4:00irratti akka dhiyaattanii hordofattan ta'ee, kan hin dhiyaanne taanaan falmiin bakka isin hin jirretti kan gaggeeffamu ta'uu manni murtii ajajeera. M/M/A/Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa.

Obbo Shimallis Hayilee mana jirenyaa Kaartaa Lakk. isaa 3342/79 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraakka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni raga kana irraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaa fi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 10 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraahojjetamee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Daabee.

Aadde Abarraash Asfaawu Kaartaa Lakk. isaa S/17120/2000 ta'eefi Lakk. Nagahee isaa 034710 ta'een galmaa'ee naaf kennameef waan na jalaa badeef namni raga kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaabaa qabeenyummaa (Kaartaa) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Faantaayee Hayilee mana Magaalaa Guddattuu Gabaa Jimaataa Aanaa Abbichuufi Nya'aa keessaatti bali'ina lafaa kaaree meetira 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef maqaa gara Aadde Xaayituu Girmaatti akka jijiiramu gaafataniiru. kan mormu yoo jiraate, beeksifi kun bahee guyyaa 20 keeassatti haa dhiyaatu. M/Q/Magaalaa Guddattuu G/Jimaataa.

Kinaxibab Taganyi Admaasee waraqaa ragaa abbaa qabaeenyummaa (kaartaa) koodiin addaa Cittuu lafaa OR035010911014 kan ta'e maqaa isaaniitiin Magaalaa Sandaafaa Bakkee irraa galmaa'ee naaf kennameef waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyaytaniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti haa dhiyeessu. yoo hin dhiyaanne kan biraabakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa B/Magaalaa Sanadaafaa Bakkee.

Obbo Heenook Tasammaa Kaartaa Lakk. Bur/2148/2000 ta'e Maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan biraabakka bu'ee jedhuu kana kenniuuf ta'uu ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Aadde Misikkir Eefireem Gizaawu mana jirenyaa Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Boolee Aanaa Gooroo keessatti Kaartaa Lakk. isaa OR133001160411702/08 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef Galmeen mana Galmee keessaa argamuwaan hin dandeenyeef kan biraakka naaf gurmaa'u jedhanii gaafatniiru. Kanaafuu, qaamni raga kana arge ykn sababa adda addaatiin qabdheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baatee ragaa ofi harkaa qaban gurmeessinee kaartaa kan biraahojjannee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Aanaa Gooroo.

Obbo Hirkisaa Morodaa Bakaree mana jirenyaa Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Boolee Aanaa Gooroo keessatti Kaartaa Lakk. isaa BoGO/1238/14 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef Galmeen mana Galmee keessaa argamuwaan hin dandeenyeef kan biraakka naaf gurmaa'u jedhanii gaafatniiru. Kanaafuu, qaamni raga kana arge ykn sababa adda addaatiin qabdheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baatee ragaa ofi harkaa qaban gurmeessinee kaartaa kan biraahojjannee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Boolee Aanaa Gooroo.

Obbo Baqqalaa Gizaawu waraqaa ragaa kaartaa mana jirenyaa Magaalaa Fiichee keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef Lakk. kaartaa isaa 47/1/81 ta'e waan na jalaa badeef kan biraabakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyaytaniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti dhiyaachuu baattan kaartaa kan biraabakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Fiichee.



Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

Haqa qabeessummaa seera daldalaafi heera mootummaa Itoophiyaa

(Kan darberra kan itti fufe)

Bu'uura labsichaa kwt 27 irratti tumameen sirna adabbii itti murteessan hordofanii haala kwt 28tiin adabbii kennuu yoo ta'u, bu'uura kanaanis adabbiin kennamuufi filannoona qabeenya waliigalaa nama balleessaa raawwatee keessaa hanga dhibbantaa kudhanii kan ta'u yoo kaan galii gurgurtaa walii gala waggaa nama balleessa raawwate keessaa hanga dhibbantaa kudha-shanii kan gahuu danda'u adabbii maallaqaati.

Gochaa dhorkame tokko keessatti kallattiiniis haa ta'uu alkallattiin jiraachuu hirmaannan nama tokkoo mirkanoofnaan nama balleessaa raawwaterratti qarshii kuma shanii hanga qarshii kuma shantamaatti adabbiin maallaqaati kan adabamu taha. Dorgommiin daldala seeraan alaa dinagdee namoota dhuunfaafi kan biyyaa irrattis miidhaa guddaa kan geessisu waan ta'eef seera kana hojii irra yeroo oolchinutti kanneen kiisiis namoota dhuunfaa furdisuun misooma biyyaa kanneen miidhuu dandahu. Kanaafuu kallatti daldala ummataafi sirna mootummaa abbaa qabeenya misooma irratti xiyyeffatan daandii jajjabeessu tahuu danda'uu qaba.

Moggaasni maqaa kun maalummaa qabeenyichaa kan hin jijiirre yoo ta'u, biyyootiin hedduun mirga qabeenya imaammata hawaasummaafi dinagdee hordofanirra ka'anii heera mootummaafi labsiilee kanneen biroon eegumsa barbaachisaa ta'e kennuu akka meeshaa misoomaatti mirga qabeenya kanatti fayyadamaa jiru.

Heera mootummaa RDF Itoophiyaatiin aguuggii heeraa mirga kanaaf kennname yoo ilaallus kwt 51(19) irratti, "mirgota kalaqaafi barreeffamaa ni haayyama. Eegumsas ni kennaf" jechuun mootummaan eegumsa mirga kalaqa sammuutif dirqama qabu. Haaluma kana bu'uura godhachuu kan tumame yoo ta'u kwt 77(5) irratti ammoo "mirga kalaqaafi aartii ni kabachiisa" jechuun tumee jira.

Tumaalee heera mootummaa kanneen irraa hubachuu akka danda'amutti biyya keenya keessatti aartiin, hojii barreeffamaafi tekinoolojiiin guddina akka agarsiisu gochuun lammileen jijiiramaafi guddina diinagdee-hawaasummaa biyyattii keessatti taasifamurratti gaheesaanii kan duraa caalaa cimsanii akka taphatan taasisuun hirmaattotaafi fayyaddamtoota misoomaa bal'aa akka ta'an kaayyoo gochuu qabaniidha.

Gaaffiin tumaalee heera mootummaa armaan olitti caqasaman kanneen wajjiin walqabatanii ka'uun danda'an, mirga qabeenya kalaqa sammuu mirga kalaqa hojii aartii yookaan mirga waraabbi qofa irratti kan daanga'uudhaa? kan jedhuudha.

Mirgi qabeenya kalaqa sammuu mirga kalaqa aartii, yoo kaan warabbiitti ida'ee dizaayinii industirii mallattoo daldala mirga biqlitoora diqalessuufi mirgota kan biroo hedduu kan hammatu waan ta'eef eegumsi heeraa mirga kanaaf kennname dhiphateera jechaan hubachuu kan danda'amu tahuu toftaawwanifi imaammataawwan

hawaasummaafi diinagdee heera mootummaa irraa seerota maddaniin eegumsi mirgota kanneenif taasifameera.

Mirgoonni lammilee sirna haqaa 18 biyyattii keessatti balaadhaaf saaxilaman hin jiran jechuun guduunfun ni danda'ama. Mootummaanis bu'uura heera mootummaa kwt 89(1)ti lammileen hundumtuu fayyadamtoota kuufama beekumsaafi qabeenya biyyattii ta'uu akka danda'aniif dirqama kallatti agarsiisuu qaba.

Qajeeltoo diinagdee heera mootummaan tumame kana akka hojii irra oolu kan taasisan labsiilee adda addaa baasuun yeroo kamyuu caalaa caaseffamaafi hojimaata eegumsa mirga qabeenya kalaqa sammuu godhan diriirsuu galama-ga'iinsa tarsiimoo misooma fulla'aafi damee kanarraa guddina argamuu danda'u galmeesuuuf hojii guddaa hojjetamaa jira.

Mirgi kun nama uumamaan yookaan dhaabilee daldala qaama seerummaa argataniin qabamuu kan danda'u ta'uu seera daldalaafi labsiilee biroo irraa hubachuu ni dandeenya. Hojii kalaqa duraan seera daldala kwt 127 (d) irratti aguuggii seeraa argatee kan ture hojii kalaqa amma heera mootummaa bu'uura godhachuu labsii baheenis beekamtiin seeraa kennameeraaf.

Seeraan mirkanaa'uufi mirkanaa'uuh dhabuun mirga kalaqa sammuu biyya tokko keessatti ijaarsa sirna dimookiraasiifi diinagdee-hawaasummaarratti faayidaa inni qabu hubachuu, mirga qabeenyaaf eegumsi seeraa taasifamuuf waan ta'eef dhimmootiin qaamolee haqaa biratti mirga waliin walqabatanii dhiyaatan sirnaan geggeessuuf itti gaafatatummaa heerri mootummaa kwt 13(1) irratti gate dirqama heera mootummaa kabajuufi kabachiisuusaanii akka bahan kan isaan taasisu ta'uu hubannoos argachuu qabu.

Qabeenyi kalaqa sammuu karaa seera qabeessa ta'een akka to'atamu gochuuf labsiin bahe labsiin lak 123/1987, kwt 2(5) irratti "Patent" jechuun hojii kalaqaaf eegumsa taasisuuf mirga kennmu jechuu yoo ta'u hojii kalaqa kunis oomisha tokko yookaan haala raawwanna hojii oomishaa wajjiin wal-qabachuu ni dand'a." jechuun hiika. Keewwata 2 (3) irratti immoo "Kalaqa jechuun damee tekinoolojii keessatti rakkoo tokkoof furmaata qabatamaa ta'e kennuu kan danda'u yaada hojjetaa kalaqaati" jechuun maalummaa kalaqa ibsa. Toorri interneetii Wikipedia, the free encyclopedia jedhamu hiikoo labsichaan hojii kalaqaaf kennname irraa bifaa garaagarummaa guddaa hin qabneen akkasi jechuun hiikeera.

Hiikoowwan walitti dhiyeenya qaban kenneneirraa hubachuu kan danda'amu, mirgi hojii kalaqa madduu kan danda'u namni tokko sammuu isaatiin oomisha faayida-qabeessaafi haarawaa ta'e yoo argachuu baates, kalaqa nama biraan waan raawwatamee hojirra ture tokko fooyyessuun irra caalaa faayida-qabeessa akka ta'u gochuu kan danda'u hojii kalaqa dabalataa itti ida'uufi fooyyessuun kan dhiyeessu yoo ta'edha.

Daangaan raawwatiinsa labsichaa daldala akka ta'e labsicha kwt 2 (7) irratti "Nama jechuun nama uumamaa yookaan dhaabbata qaama seerummaa qabudha" kan jedhurraa hubachuu waan danda'amuuf hojii kalaqa akka daldala mirga qabeenya qaama-dhabbeessaa tokkootti barreeffamaa kana keessatti akka hammatamu ta'eera.

Mirgi hojii kalaqa waan haaraa tokko kalaquu yoo kaan kalaqa duraan ture fooyyessuun mirga qabeenya argamu ta'uun isaa kan hubatamu ta'ullee seera biyya keenya yeroo ilaallu garuu mirga akkanaa kanneen kennan bu'uura labsichaa kwt 40 (1)ti moodelii tajaajila hojii kalaqa giddu galeessatiif kalaqa duraan ture tokko fooyyessanii dhiyeessuun mirga qabeenya kalaqa argachuu akka danda'amu kan ibsu miti.

Garaagarummaan akkanaa seerota biyyoota adda addaa keessatti ni mul'ata. Fakkeenyaa, biyya Ameerikaatti hojii kalaqa tokko fooyyessanii hojjechuun akka sarbamuu mirgaatti fudhachuu itti gaafatatummaa seera hariiroo kan hordofsiisu yoo ta'u biyya Awustiraaliyaatti garuu hojii kalaqa tokko fooyyessanii dhiyeessuun ni haayyamama. Kaayyoowwan labsii biyya keenya keessatti hojii kalaqaaf eegumsa (kunuunsa) taasisuuf bahe labsii lak 123/1987 jalatti mirgi kalaqa, mirga qabeenya kalaqa sammuu yoo ta'u mirga hojii kalaqa sammuutti gargaaramuun nama tokko kan gonfachiisudha.

Labsiin kun akka kaayyoo ijootti qabatee kan ka'u haayyama abbaa mirga malee namni biraan mirga kanatti akka hin tajaajilamne dhorka kaawudha. Dabalataanis namoota biyya keessaa hojii kalaqa raawwataniiif haala mijataa uumuun guddina tekinoolojii biyyattii saffisiisuun tarsiimoofi imaammata misooma industirii galmaan gahuu hojii dandeessisu kaayyoof hojjechuu qaba.

Namoota biyya keessaa hojii kalaqa raawwataniiitti dabaluun biyyoota alaa wajjiin wal-jijiirraan tekinoolojii akka jiraatutti, haala mijawaa uumamuun biyyattin fayyadamaa akka taatuuf, dameen kun milkaa'ina nageenaya, dimokiraasiif, misoomaafi bulchiinsa gaariitiif gahee isarrea eegamu akka bahu kaayyoo taasisu qabatee labsii baheedha. Kalaqa biyya keessaa akka meeshaa misoomaa tokkotti fayyadamuu muuxannoo 20 biyyoota alaati gara biyya keenyaatti fudhachuu qabnu fudhachuu diinagdee cimaa, itti fufinsa qabuufi dorgomaa ta'e ijaaruu tekinoolojiiif industirii bu'uura godhate guddina mirkaneessuu akka kaayyootti qabateera.

Maaliif mirga kalaqa seeraan akka eegamu gochuun barbaachisaa ta'e? gaaffi jedhu kaafnee yoo ilaalle biyyootiin adda addaa biratti mirgi kun akka kabajamu kan taasifameef, hedduun kan jiran tahulle, muraasa isaanii kaafnee akka armaan gadiitti ilaalu dandeenya.

Guddina diinagdeef shoora inni qabu guddaa waan ta'eef kanarraa fayyadamuu mirgi sababa eegumsa seeraa argateef kalaq-xoota hojii isaanii gadi baasuun

Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Hawaasummaa

Galaanaa Kumarraa

Dubartooni naannichaa gamtaa misoomaatiin ijaaramanii hirmaannaafi fayyadummaasaanii caalaatti akka mirkaneeffataniif hojjetamaa jira

(kan darberra kan itti fufe)

Dubartoota ga'oomsuun
hoggansatti fiduu

Biiron Dhimma Dubartootaifi Daa'immanii Oromiyaa bu'uuruma aangoofi gahee hojii keennameefirratti hundaa'uun bara kana dubartoota adda duree 1,945 puulii hoggansatti akka makamaniif karoorfatee dubartoota adda duree 1,901 akka makaman taasifamuudha ragaan mana hojichaa kan eere. Dubartooni 1,338 leenjii akka argatan ta'eera.

Gama biraatiin humna raawwachiisummaa dubartoota hoggansarra jiranii cimsuuf hojii hojjetamaa jiruun dubartoota hoggansa ol'aanaa sadarkaa nanno 40 ta'aniif dhimma imaammata geggeessummaafi geggeessummaa jijiiramaaf(policy leadership skill development /leadership for change) jedhuufi dhimmoota biroorratti kennameera.

Gama biraatiin hojii idileessa koorniyaafi daa'immaniitiin manneen hojii 4 keessaatti qixaan akka idilaa'uuf hojjetameen manneen hojii 4 keessatti namoonni 351 kan irratti hirmaatan waltajjiin marii hubannoo uumuu geggeeffameera.

Dubartoota caalaatti fayyadamo taasisuuf inisheetiiviwan addaa addaa bocamanii hojiirra oolaa kan jiran yammuu ta'u, dhimmuma kanarratti hooggantootaifi qindeessitoota inisheetivii sadarkaa godinaalee, magaalotaifi Aanalee 486 irra walitti baba'aniif kilaastera 3 irratti quoduun leenjiin kennamee daawwannaan dirree raawwii inisheetivii 2015 geggeeffameera. Dubartoota 121ol ta'an gurmeessuun hojijitti galaniiru. Aadaa quساناا dubartoottaa cimsuufis dubartoota mil.3.2 quساناا "Sabbata Aayyoo" tiin ji'oota ja'an darbanitti dubartootni kuma 455fi 869 qarshii mil. 967 akka quساناا taasifameera. Quساناا "handhuuraa" daa'immanii in 239,908 qarshii mil. 122 quساناا sun danda'ameera.

Hirmaannaafi fayyadummaasaanii dubartoota dabaluu

Dubartooni dhimmoota garaagaraa keessaatti akka hirmaatan taasisuuf sochii taasifameen ji'oota ja'an darbanitti ubartoonni 719,694 marii waltajji adda addaarratti akka hirmaatan gochuun danda'meera. Dubartooni kumni 700fi kumni 77fi 610 qarshii mil. 980 walitti buusanii akka wal-deggeran ta'eera. Aadaa quساناا dubartoottaa cimsuuf hojii hojjetamaa



jiruun dubartooni mil.1.65 ijaaramanii qarshii bil. 1.7 akka quساناا ta'ee jira. Dubartooni 406,262 qarshii bil.1.86 haalli liqaa maallaqaa mijaa'eefi akka fayyadaman taasifamee jira. Dubartoota 65,839 WHG 'tti miseensa gochuuf karoorfamee dubartoota 61,626 miseensa taasisuun danda'ameera.

Kana malees, qaamolee adda addaa waliin ta'uun dubartooni **5,322** ta'aniif leenjii kennuun carraan hojii uumameef jira. Biirroo Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa waliin ta'uun sagantaa 'Pirojekti Masmariin' jedhamuun namoota 2620f qarshii 39,300,000 kennuuf hojijitti akka galan taasifameera. Pirojektoota misooma dubartoottaa bocameen qabeenya qarshii mil.6.2tti tilmaamamu sassaabuuf karoorfamee qarshii mil. 7.6 karoora ol sasabuun danda'mee jira.

Walqixummaa koorniyaafi mirkaneessuun hirmaannaafi dubartoottaa dabaluu

Biirchi karoora seekterootaa seekteroota 58 keessaatti dhimmi koorniyaafi daa'immanii hammatamuusaa xiinxaluuf karoorfamee seekteroota 46 xiinxalameera. Yuuniversitii Mootummaafi kan dhuunfaa 8 waliin dhimma kanarratti qindoominaan hojjechuuf karoorfamee Yuuniversitiiviwan 9 waliin dhimmoota idileessa koorniya, BMG, qorannoofi qo'anno, carraa barnootaafi kfk irratti Yuuniversitii Naanwoo Oromiyaa waliin hojjechuuf walii galteen mallattaa'eera.

Dhimmoota idileeffannaa koorniyaafi daa'immaniirratti hoggantoota mootummaa 1,446 i ga'umsa akka horataniif leenjisuuuf karoorfamee 1,434 leenji'aniiru. Gamaaggama manneen hojii mootummaa kurmaana 1ffaa hoggansa, dar. karoora fi ogeessi idileessa koorniya fi daa'imman akka irratti agramaan taasisuuf walumaa gala namoonni 159 akka argamaniif karoorfamee keessaa 132

(dubartooni 92 dhiira 40) %83 argamuudhaan gabaasa seektarootaa dhiyeessu qofa osoo hin taane, xiinxala raawwii seektarootaa, fooramii mootummaa fi dubartoottaa, raawwii kenna tajaajila lammummaa seekterootaa dhiyaateera.

Mirgaafi nageenya daa'immanii eegsisuu

Xiyyeffannaa naannichatti Biirroon kun mirgaafi nageenya daa'immanii eegsisuuu kennee hojjechaa jiruun bara kana ji'oota ja'an darbanitti hojijilee hojjeteen akkaataa kana hojijitti hiikuun danda'amurratti hawaasa mil. 6.4'f hubannoon kennameera. Gandoota 784 keessatti kittaanna shamarriirranii akka hafu ta'erra, gandoota 760 ammoo shamarri umurii malee eerumsiisuun hambisuun danda'amee jira. Daa'imman aadaa quساناا akka shaakalaa guddataniifis daa'imman kuma 217fi 558 ta'aniif maatiin qarshii mil. 170 akka quساناا taasifameera. Kana malees, deggersaafi kunuunsa hawaasa bu'ureeffateen daa'imman kumni 928fi 151 qarshii Bil.1.41'n deggeramanii jiru. Daa'imman 162,246 haala rakkisa keessa jiran bajata % 1 deggersa qarshii 264,600,000 kunuunsaafi deeggarsaaf akka aragataniif karoorfamee kumni 93,651 qar. Miliyoona 212fi kuma 533fi 900'n deeggaruun danda'amee jira. Gama biraatiin Pirojektoota misooma daa'immanii bocameen qabeenya qarshii mil.

Daa'imman ijaaramanii mirgaafi faayidaasaanii akka eegsifatan akkasumas hirmaannaasaanii akka guddisaniif hojii hojjetamaa jiruun naanwoo Oromiyaatti Paarlamaa daa'immanii 3,847 cimsuufi ijaaruuf karoorfamee 4,432 ijaaruufi cimsuun danda'ameera. Bakka Bu'oonee Paarlamaa Daa'immanii kuma 13fi 376 ta'an mana maree sadarkaan jiru akka hirmaatan ta'ee jira. Daa'imman 1049 miidhaawwan garaagaraatiif saaxilaman tajaajila qindaa'aa iddo tokko **Gara fuula 18tti**

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu'uura!



Oduu

Hirmaannaafi fayyadamummaa . . .

mirgaaf nageenya daa'immanii kabachiisuuf kallattii godhatee hojjetaa jiraachuu kan ibsan Aadde Mabraat, qorannoo raawwii karoora hojii ji'a jahaa qoratame knaan hirmaannaafi fayyadamummaa dubartootaa mirkaneessuuuf hojiin hojjetma ture jajjabeessaa ta'uun hime.

Hirmaannaafi fayyadamummaa dubartootaa cimsuuf dubartoota gosoota hojii kan akka oomisha dammaa, Jimaa, aannanii, qamadii, kuduraafi muduraa horsiisaafi furdisa loonii, horsiisa lukkuufi kanneen biroo irratti dubartoota 169,202 ta'an gurmeessuun kaappitaala ka'umsaa qarshii miiliyoona 403 niin hojiitti galanii jiraachuu, shamaran 417 leenjii konkolaachisummaa akka argatanii carraa hojii uumamuuf taasisuu, Qusanno Sabbata Aayyootiin dubartoota miiliyoona 1.9 qarshii biiliyoona 2.9 ta'u Baankii Siinqeetti akka qusatan ta'uun danda'uu ifoomeera.

Qusanno jajjabeessuun 'Qusanno Daa'immanii' kuma 239, qarshii miiliyoona 208 ol maatiinsaanii Baankii Siinqeetti akka qusatan ta'u, ispoonsarshiipp(1-1)daa'imman 17,782 maatii ispoonsaraa argachuun fayyadamoo taasisuu Gama biraan maatii fakkeenyaa gaarii 25,047 gandoota 15,338 keessatti horachuu danda'amuu gamaggama raawwwoi hojii kanaan eerameera.

Hojiiwan adeemsa raawwii keessatti hanga ammaatti harca'anii jiran yeroo itti aalu keessatti duuguuganii raawwachuu karoora qabame milkeessuuuf waltajiichi murteessaa ta'uus eerameera. Aadde Mabraat Baacaa gamasaanitiin fayyadamummaa daa'immaniifi dubartootaa mirkaneessuuuf hojjetamaa jiru cinaatti hojiin tajaajila

lammummaatin hojiin bal'aa kan hojjetamaa jiru ta'u himaniiru. Jaarmiyaleen dubartootaa, manneen hojii sadarkaa naannoo, godinaaleefi bulchiinsa magaalotaa humnaafi beekumsa qaban qindeessuun sosochii taasisaniin manneen harka qalleeyyi heddu ijaaramuuus dubbataniiru.

Xumura raawwii gamaggamaa kanaarrattis beekamtii bu'aa hojii kanaa kennemeera. Sagantaa beekkamtii kennuu kanarratti argamuun ergaa kan dabarsan Sadarkaa Itti Aanaa Pirezidaantiitii Qindeessaan Kilaastara Hawaasummaa Naanno Oromiyaa Obbo Abdulhakim Muluu humna waloo bu'ura godhachuun hojiin tajaajila lammummaa hojjetamaa jiru ba'aa jirenyaa abbootiifi hadholee keenya kan salphisaa jiru ta'u himaniiru. Harka qalleeyyi jirenyi itti hammaate gargaaruun beekamtii galataa ol hojii badhaafamaadhas jedhan.

Naanno Oromiyaatti gamaggamni . . .

hoogganuu akkasumas qindoominaan hoogganuuuf kaka'uumsi jiru gaarii ta'u himaniiru.

Nuti rakkowwan gurguddaa uummata keessa jiran hiikuudhaaf warra kaaneedha; kanaaf hooggansi hojii hiyyummaa hir'isuufi duubatti hafummaa irratti hojjechuun uummata keenya hiyyummaa fi duubatti hafummaa keessa baasuuf hojjechuun akka qabus himaniiru.

Humnoota faallaa ta'an injifachuun, sirna cimaa ijaaruun gaaffii hooggansaa uummanni keenya qabu deebisuuuf hundaa ol xiyyeffannaa olaanaadhaan hojjetamuu akka qabu hubachiisuun gaaffii uummataa sadarkaan jiru deebisuuuf ammoo gurmaa'insa cimaadhaan hojjetamuu qabu jedhan. Bakka tajaajilli Mootummaa kufetti badhaadhina milkeessuun hin danda'amu waan ta'eef tajaajilli mootummaa ariitiifi qulqullinaan kennamuu qabas jedhan.

Hojii seeraan alummaa ittisuuf

hojjetamaa ture irratti qaawwi kan jiru ta'u kan himan Pirezidaant Shimallis hojichi qindoomina cimaa waan barbaaduuf karaa gurmaa'een hojjetamuu qaba jedhan.

Dinagdee cimaa ijaaruuf hojii hojjetamaa jiru galma yaadame bira qaqqabsiisuuf qusannaan dhimma ijoo ta'u himanii uummanni hojjeteetee kan argaterraak akka qusatu hooggansi xiyyeffannaa olaanaadhaan hojjechuun akka qabu akeekaniiru.

Dinagdee baay'isuudhaaf, qaawwaa dinagdee keessa jiru akka carraatti fayyadamuu waa kalaquuf, qabeenya umuufi dinagdee itti fufinsa qabu uumuudhaaf intarpiruunarshiippin babal'achuu qabu jedhan.

Hooggansi sadarkaan jiru hanqinoota adda ba'an irratti xiyyeffatee hojjechuun milkaa'ina haaraa galmeessisuuf hojjechuun akka qabu Obbo Shimallis kallattii kennaniiru.

Itti gaafatamaan Paartii

Badhaadhinaa Damee Oromiyaa Obbo Fiqaduu Tasammaa gama isaaniin hooggansi sadarkaan jiru imaanaa uummanni itti kenne qixa sirriin raawwachuudhaan mul'ata badhaadhina maatiifi nama dhuunfaa dhugoomsuuf hojjechuun qaba jedhaniiru.

Kenna tajaajila mootummaa si'eessuuf Karoora Xiiqii qabanne saffisa, baay'inaafi qulqullinaan raawwachuu waadaa keenya kan ittiin dhugoomsinu waan taheef kurmaana hafan keessatti hojiilee hafan haala karoora keenyaan bif wal-fakkaatuun raawwatamuu akka qabus dubbataniiru.

Gurmaa'insa Paartiifi kenna tajaajila mootummaa irratti iftoominaafi haqa qabeessummaa mirkaneessuuuf itti fufinsa raayyaa gurmaa'insaan hoogganamu ijaaramuu qabu jedhaniiru.

Raawwii Paartii fi Mootummaa caalaatti milkeessuuf miseensaafi hooggansa sadarkaan jiraniif leenjiin gaggabaaboo dandeettii isaanii cimsu akka kennamus Obbo Fiqaduu eeraniiru.

Godaansi seeran alaa miidhaha . . .

dambilee garaagaraa baasee hojjachaa jiraachuu dubbataniiru.

Mootummaan qaamolee daldala namootaarratti bobba'anirratti olaantummaa seeraa kabachiisuuf tumsi hawaasaa barbaachisaa ta'uus himaniiru.

Sadarkaa Itti Aanaa Pirezidaantii Mootummaa Naanno Oromiyaatti Qindeessaan Kilaastara Hawwaasummaa Obbo Abdulhaakim Muluu, rakkoon godaansa seeran jijiirama argame danqaa jira jedhan.

Rakkichi Naanno Oromiyaatti kan baay'atu kan himan Obbo Abdulhaakim, Mootummaan Naanno Oromiyaa rakkoo kana xiqqeessuuuf namoota godaansa seeran alaatiin miidhaman deebisanii dhaabuufi carraa hojii dargaggootaa uumuu biyyasaanitti akka hojjataniif xiyyeffannoo kenee hojjachaa jiraachuu dubbataniiru.

Faddaaltota seeran alaa nama daldalan araarama tokko malee tarkaanfiin kan irratti fudhatamu ta'uus himaniiru.

Hoogganaan Biiroo Dhimma Hojjataafi hawaasummaa Obbo Araarsoo Biqilaa gamasaaniin rakkoon godaansa seeraan hubannoo dhabuurraa waan madduuf manni hojii isaanii miidhaa godaansi seeran alaa nama dhuunfaa biyyarraan gahuurratti hubannoo hawaasaa cinsuurratti xiyyeffatee hojjachaa jiraachuu dubbatan.

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yerooodhaan sirriitti dhiqadhaa!



Mana kitaabaa banaa bulu hattuun hin hanne

Maanguddoo umrii wagga 72 kan ta'an Mohaammad Aziiz Morookoo magaalaa Raabaat keessatti hojii gurgurtaa kitaabaarratti bobba'uun umrii dheeraa lakkofsaniiru.

Obbo Mahaammad umriisaanii walakkaa ol waggoota 43n darbaniif hojii, kanarratti bobba'uun jaalalaan hojjechaa jiru. Gurguruu qofas osoo hin taane kitaabota seenaa, saayinsii, aadaa, amantaafi barnoota bakeewwan garaagaraatii walitti qabuun namooni akka dubbisanis taasisaa jiru.

Ofifis guyyaatti sa'atii 6-8 ta'u dubbisuun dabarsu. Kitaabota adda addaa kuma 5 caalani afaanota Faransaay, Arabaafi Ingiliffaan barreeffaman dubbisaniru. Wagga hagana dheeratu 43 bakka gurgurtaa kitaabaasaanii osoo hin jijiiriin bakkuma dhaabataatti maamilootasaanii tajaajilaa jiru. Suuqiin keessatti kitaaba gurguraniifi debbisaa dubbisiisan kun isuma wagga 43 dura jalqaban xiqqoo



hin haafnedha.

Raabaatittis gurguraa kitaabaa umrii dheeraa qabu jedhamuun kan waamaman maanguddoon kuni suuqiinsanii xiqqaachuufi yeroo yeroon kitaabonni adda addaa dabalamaa deemuurraa kan ka'e wayita gara manaatti galan cufuuf wan isaan rakkisuuf banaadhumasaa dhiisaniiti galu. Ofifillee kitaabota mana keessa guutanii ala tuulamanii jiran gidduu taa'uun dubbisaa kan oolan yoo ta'u, namni kitaaba barbaade kamiyyuu gara saaniitti qajeeluun waan argatuuf kan bitachuu fedhutti gurguraa kan dubbisee deebi'uu barbaadus tajaajila umrii hamma kanaaf tajaajila kennaniiru.

Suuqiisaaniis banaa dhiisaniis yaaddoo malee manasaaniitti galanii kan deebi'an yoo ta'u, gaaffii maaliif kitaaba keessan ol gashitanii cufattanii hin demtan yoo isin jalaa hatamewoo jedhamanii gaafatamaniifi deebii ajaa'ibsiisaaf barsiisaa ta'e kennaniiru. Namni dubisuu hin jaallanne kitaaba hin hatu, namni dubbisuu jaallatummo ni bita malee hin hatu jechuun deebisan.

Gamoo dheeraa addunyaa keenyaa km 1 ol dheeratu

Biyya Saa'udii Arabiyaa kan taate magaalaa Jiiddaa keessatti gamoon ol dheerinasaatiin addunyarraa sadarkaa 1ffaadha jedhame ijaaramaa jira. Ijaarsisaay wayita xumuramettis gamoo guddicha addunyaa keenyaa jedhamuun waggoootan 14 darbanif rikardii qabatee kan jiru gamoo Burjii kaliifaa kan caalu ta'a.

Wagga 14 dura tajaajilaaf banaa kan ta'e miidhaginaafi mallattoo giddu gala daldala Emereetotaa kan taate Dubaay keessatti kan argamu Burjii Kaliifaan dheerina m828 dha.

Gamoon dheeraa addunyaa Jiddaatti ijaaramaa jiru kun hojiin ijaarsasaati wagga shan dura kan jalqabame yoo ta'u, yoom akka xumuramu garuu ifa hin taane.

Akka lakkofsa Awurooppaanotaatti Mudde bara 2004 eegaluun wagga jaha booda Mudde bara 2010 eebbfamuun hojii kan eegale gamoon Burjii Kaliifaa tajaajila hedduu kenuun galmeed waantonni dinqisiisoon addunyaa irratti galmaa'anirratti galmaa'eera.

Gamoon guddichi Saa'ud Arabiyaa magaalaa Jiiddaa keessatti ijaaramaa jiru kun rikkardiwwan



Burjii Kaliifaan qabamanii jiran kan isa dhabsiisudha. Ijaarsa gamoo dheerina km 1 qabu kanaaf Doolaarri bil. 1.3 baasii akka ta'u galmeen waantota dinqisiisoo marsariitiisaarratti gamanumaa galmeesseera.

Kaampaanii Ikonomikii Jiiddaan ijaaramaa kan jiru gamoon kun qaama kaaba magaalittiitti



pirojekti magaalaa dinagdee Doolaara Bil. 20 hojjetamaa jiruu akka ta'es himameera.

Gamoon guddichi addunyaa keenyaa gara fuulduuraa kun akkuma Burjii Kaliifaa Hoteeloota, appartimantoota ammayaa, manneen waliin jireenyaa, birolee, manneen nyaataafi dhaabbilee fayyaa ni qabataa jedhameera.

Milkaa'inni gama misooma dinagdeetiin galmaa'e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiiniis ni dabalam!

1^{ffaa} Obbo Roobaa Naggasaatiif

2^{ffaa} Obbo Abbuu Naggasaatiif

3^{ffaa} Obbo Birruu Waandhoowaanitiif

4^{ffaa} Obbo Fayyisaa Raajiitiif

5^{ffaa} Obbo Baqqalaa Guutamaatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Baankii Siinkee Damee Adaamaafii Himatamtoota isin jidduu falmii siviilii jiru ilaachisee Himatamtooni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 06/06/2016 waaree durattii akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/W/Ol'aanaa Magaalaa Adaamaa.

Obbo Taganee Dinquu Sobbooqaa kaartaa mana jirenyaa Lakk. isaa QDI/TDH01/2014 ta'e maqaa isaanitiin galmaa'ee kennameef na jalaa bade jedhanii karaa bakka bu'aa isaanii waajjira keenyaatti iyyataniiru. Kanaafuu namni kaartaa mana jirenyaa isaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu, yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluuf ragaa kana akka deebisu, yoo kun ta'u baate kana duraanii akka badeetti lakkaa'amee kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan.

Aadde Almaaz Sobbooqaa karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Ayittaaggad Marshaatiin kaartaan mirkaneessa qabiyee Lakk. Kaartaa OR042045303020 Lakk. Seerii RH0008087 ta'efi Lakk. Galmee 21010942 kan ta'e maqaa isaanitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu qaamni ragaa kana arge yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti waajjira keenyaatti dhiyaachuudhaan akka beeksiftan, kun kan hin taanee taanan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Kaadaasteraa Kutaa Magaalaa L/Xafoo Lagaa Daadhii.

Charinnat Asaffaa Nagahee mirriittii Lafaa Mana Jirenyaa Nagahee Lakk. isaa 1991889 kan ta'e maqaa isaanitiin Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sululta keessatti galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabatee jiru yoo jiraate, beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti Waajjira Lafaa kutaa Magala Sulultaatti akka dhiyaattan, kan hin dhiyaanne yoo ta'e nagahee kan biraa baafachuu akka danda'an isin beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sululta.

Aadde Yeshaarag Tafarrraa Lakk. Nagahee isaa 2229362 ta'en galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifchu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa (Kaartaa) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

1^{ffaa} Obbo Ibraahim Tamaamiitiif

2^{ffaa} Obbo Shuuraa Ida'ootiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Amantee Waaqasaa fi deebii kennitooni isin jidduu falmii ijibbaataa jiru ilaachisee deebii kennitooni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 06/06/2016 sa'aati 4:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/W/Oromiyaa Dhaddacha Ijibbaataa.

Liyyuunesh Balaayinchitiif

Bakka Jirtanitti

Iyyattun Immabeet Daadhiifi waamamatuu isin jidduu falmii ijibbaataa jiru ilaachisee waamamatuu kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 06/06/2016 waaree durattii akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/W/Oromiyaa Dhaddacha Ijibbaataa.

Obbo Shaalaqaa Ayyaalnah Taammiraat Kaartaa Lakk. isaa S/17119/2000 ta'efi Lakk. Nagahee isaa 034359 ta'en galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifchu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa (Kaartaa) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Beetiliyeem Gaarii Lakk. Nagahee isaa 1893694 ta'en galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifchu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

Aadde Azaalech Tashoomaa Lakk. Nagahee isaa 1893612 ta'en galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifchu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

Obbo Gaaddisaa Jirenyaaatiif

Bakka Jirtanitti

Iyyattun Aadde Tigisti Obsaafi waamamaa isin jidduu waa'ee murtii badiinsaa jiru ilaachisee iyyattun kun abbaan manaakoo waan badeef yoo jiraate naaf haa dhiyaatu jiraachuu baannaan murtiin badiinsaa naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu wamamaan kun yoo jiraate beellama gaafa 04/06/2016 waaree 4:00irratti haa dhiyaatu. dhiyaachuu baannaan iyyattuuf murtiin badiinsaa kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. M/M/A/Amboo.

Wallagga

Dhaaltonni 1^{ffaa} Geexee Ishoosaa 2^{ffaa} Takkaallinyi Daanyee 3^{ffaa} Taarikee Daanyee 4^{ffaa} Kadiir Daanyee 5^{ffaa} Huseen Daanyee 6^{ffaa} Faaxumaa Daanyee qabeenyummaa isaanii kan ta'e mana jirenyaa Magaalaa Siree ganda 01 keessaa qaban lafa kaaree meetira 160M² irratti argamu abbaa isaanii Obbo Daanyee Chokkol dhaaluuf waan gaafataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa gara dhaaltotatti kan jijiiramuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Siree.

Obbo Hundee Taaffasaa mana jirenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 02keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 359/WBIFLMQ/2013 ta'e bali'inni lafa isaa 399M² irratti argamu Obbo Gamtaa Shifarraatti gurguraniif maqaa jijiirruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Obbo Magarsaa Miijanaa mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Q/Kaarraa ganda 01 fi 02 keessaa qaban 1^{ffaa} mana Lakk. isaa p-0081, Lakk. Kaartaa isaa 572WMMLMMQK/13 kan ta'e 2^{ffaa} ganda 01 keessatti kan argamu mana lakk. isaa p-0012, Lkk. Kaartaa isaa 571/WMMLMQ/K/2013 ta'e, 3^{ffaa} ganda 01 keessatti kan argamu Mana Lakk. isaa p-0478 fi Lakk. Kaartaa isaa 573/WMMLMQ/Kaarraa/2013 kan ta'e 4^{ffaa} ganda 01 keessatti kan argamu mana Lakk. isaa p-0013 ta'efi Lakk. Kaartaa isaa 340 WMMLMQ/Kaarraa 2010 kan ta'e maqaa Obbo Magarsaa Miijanaatiin galmaa'ee kan beekkamu yeroo ammaa isaan waan du'aniif qabeenyaa kun gara haadha warraa isaanii kan ta'an Aadde Asteer Hayileetti akka jijiiramuuf gaafataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20giddutti haa dhiyaatu. Kan hin dhiyaanne yoo ta'e jijiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Q/Kaarraa.

Bakka bu'aa Obbo Asaffaa Dasoo Dureessoofi Aadde Qimisee Dhinsaa Biduu kan ta'an Aadde Saaraa Qana'aa Bayyanaa mana jirenyaa magaalaa Danbidoolloo ganda Biiftuu keessatti argamu lakk. kaartaasaa BU/LA/1646/2000, ballinnisa M² 378 ta'e maqaa obbo Asaffaa Dasoo Dureessootiin galmaa'ee beekamu Aadde Saaraa Qana'aa gurguraniiu. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/B/M/Danbidoolloo

Bakka bu'aa Obbo Abrahaam Kabbadee Onchoofi Aadde Qabbannee Hiikaa Xilaahun kan ta'an Obbo Nagaa Guutamaa Waqwayyaa mana jirenyaa magaalaa Danbidoolloo ganda Biiftuu keessatti argamu lakk. kaartaasaa 14085/WLM/14, ballinnisa M² 160 ta'e maqaa obbo Abrahaam Kabbadee Onchootin galmaa'ee beekamu Aadde Alaminash Guutamaatti gurguraniiu. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/B/M/Danbidoolloo

Bakka bu'aa Obbo Leewii Waaggaarii Maammoo kan ta'an Obbo Addunyaa Kaasahun Abbabee mana jirenyaa magaalaa Danbidoolloo ganda Biiftuu keessatti argamu lakk. kaartaasaa 12532/WBIFL/M/D/13, ballinnisa M² 200 ta'e maqaa obbo Leewii Waaggaarii Maammootiin galmaa'ee beekamu Obbo Kaasahun Addunyaa Abbabee gurguraniiu. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/B/M/Danbidoolloo

Bakka bu'aa Obbo Carraa Qannaa Tarrafee kan ta'an Obbo Qannaa Tarrafee mana jirenyaa magaalaa Danbidoolloo ganda Biiftuu keessatti argamu lakk. kaartaasaa 12393/W/B/I/L/M/12, ballinnisa M² 685.5 ta'erra M² 486.5 amma hafe maqaa Obbo Carraa Qannaa Tarrafeetiin galmaa'ee beekamurraa M² 286.5 Obbo Isaayyaas Bantiitti, akkasumas M² 200 ammoo Obbo Yaadasaa Danuutti qoodanii gurguruun faayilli gara maqaa bitatattootaatti akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate jijiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'u ni beeksifna. W/L/B/M/Danbidoolloo

Obbo Beekaam Takileefi Aadde Caaltuu Bultii mana jirenyaa magaalaa Naqamtee ganda Calalaqii keessatti argamu lakk. kaartaasaa 6288/WBIFLMN/13 ta'e maqaasaaniitiin galmaa'ee beekamu pilaaniisaa waliin nu jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf namni sababa garaagaraatiin kaartaafi pilaaniisaanii kana qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyeessu, yoo hin dhiyeessine haaraan kan bakka bu'uuf ta'u ni beeksifna.. W/L/M/Naqamtee

Obbo Amaanu'eel Fiqaduu warshaa buna gogaa daaku magaalaa Qaaqee ganda 01 keessatti argamu ballinnisaa M² 3864 lakk. kaartaasaa 123/BMQ/2000 ta'e Obbo Misgaanaa Bultiitti gurguranii maqaan gara bitataatti akka jijiiramu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu.. W/B/I/F/L/M/B/M/Qaaqee

Obbo Hayilee Kamisoo Abdii mana jireenyaa magaalaa Najjoo ganda 02 keessatti argamu lakk. kaartaasaa 3622/2012 ta'e Obbo Taarikuu Faqqadee Tolaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. W/L/M/Najjoo

Luuccaa Immaanaafi Misgaanee Baqqalaafaa mana jirenyaa magaalaa Bubbee ganda 01 keessatti argamu lakk. kaartaasaa 695/BMB/2014, ballinnisaa M² 200 ta'e Obbo Taarikuu Taaddaseetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. W/L/B/M/Bubbee

Obbo Naasir Fufaa mana jirenyaa magaalaa Jaarsoo Gabaa Dafinoo ganda 01 keessatti argamu lakk. kaartaasaa 986/BLM/2014, ballinnisaa M² 200 ta'e Obbo Guddaa Qananii Ligdiitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. W/M/Q/B/M/Jaarsoo Gabaa Dafinoo

Obbo Dirribaa Jigii Yagguu mana jirenyaa magaalaa Jaarsoo Gabaa Dafinoo ganda 02 keessatti argamu lakk. kaartaasaa 178/BLM/2016, ballinnisaa M² 200 ta'e Obbo Naatolii Tafarii Yaadasaatti gurguratanii maqaan gara bitataatti akka jijiiramu gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. W/M/Q/B/M/Jaarsoo Gabaa Dafinoo

Abshaalee Gammachuun Buushaa mana jirenyaa magaalaa Jaarsoo Gabaa Dafinoo ganda 01 keessatti argamu lakk. kaartaasaa 18/MLM/2010, ballinnisaa M² 200 ta'e Obbo Gammachiis DuumessooAtoomsaatti gurguratanii maqaan gara bitataatti akka jijiiramu gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. W/M/Q/B/M/Jaarsoo Gabaa Dafinoo

Obbo Filiiphoos Yooseef mana jirenyaa magaalaa Mandii ganda 03 keessaa qaban lakk. kaartaasaa MJ/0154/2011, ballinnisaa M² 360 ta'e Gammachiis Geetanaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate gurgurtaan ni hayyamamaaf. W/L/B/M/Mandii

Obbo Gammachiis Geetanaa mana jirenyaa magaalaa Mandii ganda 03 keessaa qaban lakk. kaartaasaa MJ/1365/2016, ballinnisaa M² 300 ta'e Malkaamuu Hayiluutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate gurgurtaan ni hayyamamaaf. W/L/B/M/Mandii

Obbo Nagaa Horaan mana jirenyaa magaalaa Mandii ganda 01 keessaa qaban lakk. kaartaasaa MJ/3091/2014, ballinnisaa M² 400 ta'e Aadde Tigisti Taaddasaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate gurgurtaan ni hayyamamaaf. W/L/B/M/Mandii

Dhaaltota sadarkaa duraa abbaa isaanii obbo Garibaaldii Tuskaanoo kan ta'an Paradis Garibaaldiifi Roomaan Garibaaldii kan jedhaman mana jirenyaa magaalaa Danbidoolloo ganda Yabaloo keessatti argamu lakk. kaartaasaa --- ta'e ballinnisaa M² 84 irratti maqaa du'aa abbaa isaanii obbo Garibaaldii Tuskaanootiin gibiri itti gabbaramaa jiru dhaaltummaa keenya mana murtitiin waan mirkanoefffanneef jijiirraan maqaa gara keenyaatti nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate jijiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta'u ni beeksifna. W/L/B/M/Danbidoolloo

Obbo Zalaalam Abdiisaa mana jirenyaa magaalaa Naqamtee ganda daargee(02)keessaa qaban ragaan qabiyee mana jirenyaa isaanii saayit pilaaniin waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanaii iyyataniiru. Kanaafuu namni sababa garaagaraatiin pilaaniisaanii kana qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyeessu, yoo hin dhiyeessine haaraan kan bakka bu'uuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

Obbo Ittaanaa Jirenyaa mana jirenyaa Magaalaa Mandii ganda 02 keessatti argamu bali'inni isaa 600M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa MJ/3992/2011 kan ta'e Aadde Roomaan Hayiluutti gurguradaahan dabarsanii waan jiraniif maqaan isaanii akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii.

Aadde Hannaa Beeniyaam mana jirenyaa Magaalaa Mandii ganda 04 keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa MJ/2691/2013 ta'e ballinni isaa 200M² irratti argamu Obbo Magarsaa Moosisaatti dabarsanii waan gurgurataniiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii.

Obbo Gaashahuun Guutamaa mana jirenyaa Magaalaa Aayiraa ganda 02 keessatti argamu lakkofsi isaa 0565/2013 ta'eefi Lakk. Kaartaa isaa ____ ta'e bali'inni isaa ____ irratti argamu dabarsanii Obbo Ga'ataa Mardaasaatti waan gurgurataniiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa.

Obbo Biyyaanaa Gurmeessaa Baajiree mana jirenyaa Magaalaa W/Jirruu ganda 02 keessatti argamu lakkofsi isaa 1905 ta'eefi Lakk. Kaartaa isaa 3/5/WLMWJ/20/2 ta'e bali'inni isaa 245M² irratti argamu dabarsanii Obbo Malaakuu Warqee Naga'ootti waan gurgurataniiif Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa W/Jirruu.

Obbo Abrahaam Abarraa mana jirenyaa Magaalaa Gimbi ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa 01/1004/2012 kan ta'e bali'inni isaa 178.5M² irratti argamu dabarsanii Obbo Addunyaa Geetaahuun Baalchaatti waan gurgurataniiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbi.

Obbo Ahimad Mahaamad Nuuruu mana Jirenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa Gk02/361/2016 ta'e bali'ina lafaa 1250M² ta'e irratti argamu irraa qoodanii bali'ina lafaa 500M² ta'e dabarsanii Obbo Nabiyyuu Ahimad Mahaamaditti gurgurachuu waan barbaadaniif. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Obbo Tafarraa Guulee magaalaa Innaangoo ganda 01 keessaa mana dhuunfaa isaanii lakk. Isaa -- ta'e Obbo Takkaallinyi Taammaneetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Innaangoo

Obbo Mahaarii Inniyw Ambaayee fa'aa N-7 dhaaltummaa abbaafi haadha isaanii mana murtitiin waan mirkanoefffataniif mana jirenyaa magaalaa Najjoo ganda 02 keessatti argamu lakk. kaartaasaa 4803/2016 ta'e maqaa Inniyw Ambaayee Gazzahaanyiitiin galmaa'ee jiru karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Abbabaa Tarrafaatiin gara maqaa keenyaatti nuuf haa jijiiramu jedhanii iyyataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. W/L/M/Najjoo

Aadde Araaree Dafaa Itichaa mana Daldaalaa magaalaa Najjoo ganda 01 keessatti argamu lakk. kaartaasaa 1411/2007 ta'e Obbo Ashannaafii Guddattaa Biqilaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. W/L/M/Najjoo

Obbo Dassaalenyi Amantee Tolaa mana jirenyaa magaalaa Najjoo ganda 03 keessatti argamu lakk. kaartaasaa 1183/2007 ta'e karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Abarraa Guutamaatiin Obbo Gadaa Jiraataatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. W/L/M/Najjoo

Aadde Muluunesh Gammachuun mana jirenyaa Magaalaa Aayiraa ganda 01 keessatti argamu lakkofsi isaa 0047/2008 ta'eefi Lakk. Kaartaa isaa 1286/WBIFLMA/2015 ta'e dabarsanii Obbo Masarat Akaaluutti waan gurgurataniiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

Obbo Taammiruu Abarraa Gammadaa mana jirenyaa magaalaa Jaarsoo Gabaa Dafinoo ganda 01 keessatti argamu lakk. kaartaasaa 195/BLM/2016, ballinnisaa M² 200 ta'e Obbo Yoonaattaa Immiruu Indaalutti gurgurataniiif maqaan gara bitataatti akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. W/M/Q/B/M/Jaarsoo Gabaa Dafinoo

Obbo Dirribaa Amanuu mana jirenyaa magaalaa Mandii ganda 03 keessaa qaban lakk. kaartaasaa M/J/816/2012, ballinnisaa M² 300 ta'e Daawwit Waagaariitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate gurgurtaan ni hayyamamaaf. W/L/B/M/Mandii

Haqa qabeessummaa seera daldalaafi . . .

uummatatti agarsiisuun kanarraas fayyadamaa akka ta'u gochuudha. Kanaaf, biyya tokko tokko keessatti seerri hojii kalaqaa yoo bahu kaayyoofi sababoota mataa isaatii ni qabaata. Seerri hojii kalaqaa keenyaas kaayyoowwan armaan olitti caqasaman gonfatee jira.

Hojiwwan kalaqaa eegumsa seeraa qabaniifi hin qabne mirgi hojii kalaqaa akkamitiif kennama? gaaffii jedhu yoo ilaallus mirgi kun kalaqaawwan hundaaf akka hin kennamne ta'uu isaa hubachuuf tumaalee labsichaa kwt 3 irratti bifa tarreeffamaafi haala addaatiin tumaman ilaaluun gaariidha.

Hojiin kalaqa tokkos eegumsa seeraa akka argatu gochuun dura, safartuuwwan armaan gadii guutee argamuutu irraa eegama. Haarawummaa hojiin kalaqaa tokko haarawa kan jedhamu ogummaa duraatiin aguuggii kan hin arganne yoo ta'edha.

Labsii kwt 3 (4) 3. jalatti industiriif galtee tahan (Industrial Applicability) hojiin kalaqa tokko industiriif galtee ta'uu ni danda'a kan jedhamu hojii aartii, qonnaa, tajaajilawwan hawaasummaa yookaan damee hojii kamirrattiyuu hojiirra ooluu kan danda'u yoo ta'edha. Hojiin tokko eegumsa seeraa argatee namni tokko kalaqaasaati jedhamuun fayyadamaa abbaa mirga kanaa ta'uufis safartuuwwan seeraa armaan olitti tarreeffaman kanneen guutee argamuu qaba. Hojiwwan kalaqaa eegumsi seeraa hin taasifamneef labsicha kwt 4 irratti

warreen tarreeffamaniidha.

Mirgaafi qabiyyee hojii kalaqaa irratti mirgi abbaa qabeenyummaa hojii kalaqaa mirgichi mirga dhuunfaa nama tokkoo ta'uusaa kan mirkaneessuufi tumaalee dambii lak 12/89 kwt 14 jalatti kan itti fufannii jiran irratti xuqaalee tarreeffaman hammatee taahuus qaba. Bu'uura labsichaa kwt 15tti namni abbaa mirgaa qabeenyaa hojii kalaqaa ta'e hojicha kalaquu yookaan mirgichatti fayyadamuu yookaan karaa kamiinuu hojichatti fayyadamuu mirga guutuu qaba. Namootin biroon hayyama abbaa hojii kalaqaa utuu hin qabaatiin hojii sana irratti kalaqa haaraa uumuu hin danda'u. Namootin biroon itti gaafatamaa ta'uu kan danda'an mirgi hojii kalaqa abbummaan mirga isaa nama kalaqe sanaaf kan kennamee yoo ta'e qofa.

Bu'ura kwt 22(1)fi 23tiin hojicha hojjechuu qofaan abbaa mirgaa kalaqichaa ta'uun hin danda'amu, hojii kanatti namni biraan akka hin fayyadamne taasisuuf mirga kana qaama dhimmi ilaaluun mirkaneeffachuu barbaachisaadha.

*Wiirtuu Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa
Federaalaatiin qophaa'ee Inistiitiyuutii Leenjii
Ogeessota Qaamolee Haqaafi Qo'anno Seeraa
Oromiyaatiin hiikamee leenjii leenjifamtoota hojiin
duraatiif dhiyaate*

Gosoota nyaata aadaa . . .

kan hojjetamu ta'ee, dhadhaan sukkuumamee kan hojjetamuufi nuugii tumame waliin walitti makamuun kan qophaa'u yommuu ta'u, yeroo cidhaa, mana fira yommuu dhaqaniifi maatiin manatti ciree bunaan godhatanii itti fayyadamu.

Mulluu

Gosti nyaataa kun boqqolloofi baaqelaarraa bal'inaan kan hojjetamu yommuu ta'u, yeroo daboo irra caalaa kan qophaa'udha.

Bassoo

Gosa midhaanii garbuurraa kan hojjetamu ta'ee garbuu xaaxeffamee biilaansaa erga irraa sukkumamee booda daakamee bishaan bulluqfamee daakuu kanatti naquun soogidda xiqqoo itti gochuun sukkumamee nyaatama. Kunis akka cireetti maatiin kan itti fayyadaman ta'us irra caalaa daa'immanif hojjetama.

Cafaqoo

Gosti nyaataa kun xaafii diimaan erga daakamee booda bishaan bulluqfameen erga bukaa'ee tolfaamme booda, dhadhaafi qaaraa urgeessituu/mi'eessituu itti gochuun walitti cafaqamee nyaatama. Kana biratti Aannan qabeen erga dhufee ittiin unatamee kan nyaatamu dhangaa bareedaadha. Daa'imman jabina argatu jedhamee waan yaadamuuf ni kennamaaf. Namoota karaa fagoo deemanif bifa galaan qophaa'a.

Fusfusoo

Gosti nyaataa kun xaafii diimaarraa kan hojjetamu ta'ee dhadhaafi mi'eessituu garaagaraatiin sukkumamee nyaatama. Nyaanni kun yeroo dubartooni heerumanii mana maatii dubbisuuf deeman qopheeffachuu fudhatanii deemamuudha.

Nuugii Baxoo

Gosti nyaataa kun qophaa'u nuugiin erga soramee qulqulla'ee booda eelee haadhootti akaawamee Mooyyeetti tumameeti. Akka aadaatti yeroo ayyana loonii daddarbaaf jedhamee qophaa'a.

Foon Waaddii

Gosti nyaataa kun foon dheedhiin ho'aasaatti jaji'amme mukarra toora galchuun abiddarra qabamee erga waadamee booda dhadhaafi mi'eessituwwan biroo waliin walitti makuun nyaata dhiyatudha. Gosti nyaataa kun ayyaanota akka Masqalaa, Faasikaafi cuuphaa ganama akkuma horiin qalamee manatti galeen qophaa'ee nyaatama.

Mooqa

Nyaanni kun qamadiifi garbuurraa kan hojjetamu yommuu ta'u, yeroo dubartiin deessu guyyaa deessee eegalee hanga shananii baatutti qophaa'ee kennamaaf. Sababnisas dugda dubartii deessee jabeessuuf faayidaa qaba jedhamee waan amanamuufi.

Shugii

Garbuun akaawamee erga tumame nuugii waliin walitti dabalamuun mooyyeetti tumuun/daakuun qophaa'ee nyaatama.

Walumaagalatti gosoonti nyaataa aadaa Oromoo Godina Horroo Guduruu Wallaggaa keessatti beekaman ijoon kanneen yommuu ta'an yeroofi akkaataa itti qophaa'an kan qabanidha. Akaakuuwwan nyaataa kunneen akkaataan qophiifi waanti irraa qopheeffaman garaagarummaa qabaatus godinaalee Wallaggaa hafaniifi godinaalee Oromiyaa kanneen biroo keessattis kan baraman ta'uu akka danda'anis hubatamuu qaba.

*Waajjira Kominikeeshiini Godina Horroo
Guduruu Wallaggaatu gabaase*

Dubartooni naannichaa gamtaa . . .

akka argatan ta'ee jira. Kana malees, daa'imman 344,110 balaa tasaatiin miidhaman deeggaruu danda'amme jira..

Hojiwwan tajaajila lammummaa

Biiroon Dhimma Dubartoonaifi Daa'immanii Oromiyaa ji'oota ja'an darbanitti hojii kenna tajaajila lammummaarratti hawaasa mil.8.6 hirmaachisuun hojilee akka manneen harka qalleeyyiif ijaaruu, barattoota harka qalleeyyiif deggeruu, haadholii duddasaaniitti qoraan baatanii of jiraachisan gargaaruufi kanneen biroorratti hojjechaa tureera. kanaanis hawaasni harka qaleeyyiin mil.12.9 ta'u hojii qarshii Bil.23.8tti tilmaamamu hojjetameen deeggersa garaagaraa akka argatu taasifameera.

Akka walii galaatti hojiwwan biirichi hirmaannaafi fayyadamummaa dubartoottaa guddisuu akkasumas mirgaafi nageenya daa'immanii eegsisuuf bara kana karoorsee hojjechaa jiruun ji'oota ja'an darban keessattin bu'aalee gaariin akka argaman ragaan mana hojichaa ni agarsiisa. Sektaroota adda addaa waliin qindoomuu qaamolee hawaasaa rakkoo adda addaaf saaxilaman deggeruu, hojii kenna tajaajila lammummaa, deggersaafi hordoffiin jiru akka ciminootaatti eeramaniiru.

Hojii idileessa korniyaa sadarkaa hundatti karaa wal-fakkaatuun xiyyeffannaa kennanii hojjechuu dhabuu, barmaatilee miidhaa geessisanirratti, sirni qabiinsa ragaafi odeeffannoo jiraachuu dhabuun dhimmoota yeroo itti aanutti xiyyeffannaa barbaadanidha. Kanaaf, hirmaannaafi fayyadamummaa dubartoottaa caalaatti guddisuuf mirgaafi nageenya daa'immaniirratti bu'aalee hanga ammaa argamana caalaatti guddisuuf qindoomina cimsuun rakkolee hudhaa ta'an maqsurratti xiyyeffannaa hojjechuu barbaachisa. Hojjetoota barumsaafi muxannoon iddo itti ramadaman guutanii, qajeelfamaan sadarkaa lamaa oli akka guddachuu hin dandeenye daangeeffaman, haala isaan iddo guutuu danda'an sanatti Mindaa iddichaaf malu argatan irratti hojjechuu.

Raawwii Hojii Kilaastara . . .

ijaaruuf suphuu hojiwwan kkf irratti bara 2012 irraa eegalee hojiin hojjetaman lakkofsaafi qulqullinaan dabalaan dhufuusaa gabaasni dhiyaate agarsiiseera. Kenna Tajaajila lammummaatiin hojiwwan qarshii Biliyoona 65.76'tti tilmaamamu hirmanna hawaasni humna, leecaloofi mallaqaan raawwatamusaa ragaan dhiyaate agarsiiseera.

Buusaa Gonofaa

Hundeeffamaa asitti hojiin hubannoo uumuufi gumaata walitti qabuuraawwatamaa tureera. Horanna miseensaatiin kurmaana 2'n bara 2016 kanatti miseensa miiliyoona 3.6 horatameera, gumaatni miseensarraa argames qarshii miiliyoona 429 akka ta'e ragaan dhiyaate agarsiiseera. Hojiin kunis baay'ina miseensa horatameen kan wal hin simneefi xiyyeffanno gudda kan gaafatu akka ta'es eerameera.

Nyaata barataaf sassaabuufi tajaajilaaf olchuu

Sagantaa buusaa gonofaatiin hojii hojjetamu keessaa miidhaan nyaata barataaf oolu walitti qabuun hojii ijoodha. Adeemsa kurmaana lamaan bara 2016 darbeen midhaan nyaata barataaf oolu kuntaala kuma 841fi dhibba 720 (% 68) tilmaama qarshii biliyoona 5 baasu sassabuun tajaajila nyaata barataaf akka oolu ta'eera.

Dabalataan hawaasa sababa rakkoo namtolcheefi uumamaan (hongee) rakkoo garaagaraaf saaxilaman qabeenya sagantaa kanaan waliitti qabameerra qaqqabuuf hojjetamaa turuusaa gabaasa raawwii sagantaa gamaggamaa kurmaana 2^{ffaa} bara 2016'f sadarkaa naannootti dhiyaateen ibsameera. Kaayyoo sagantaa kanaa hawaasa bakka adda addaa jiran hubachiisuun humnaafi leecaloo dabalataa uumuuf humna waloo fayyadumurratti xiyyeffatamee kan hojjetamu akka ta'es ibsameera.

Raawwii hojiwwan Piroojektootaa

Oromiyaa keessaatti bara 2016 kanatti, piroojektoota fedeeralaa osoo hin dabalatiin piroojektoota 30,718 qar. biliyoona 110.33'tti tilmaamamu gaggeeffamaa jira. Kana keessaa kan Mootummaa Naannoon ijaarama jiru Pirojektoota 5,555, miti mootummaa Pirojektoota 397, Aanaaleefi Bulchiinsa Magaalotaan Pirojektoota 12,656, hirmaanna hawaasaan Pirojektoota 8,400, sagantaa garaagaraan Pirojektoota kuma 3,710 kan of keessatti hammatudha.

Hanga kurmaana 2^{ffaa} bara 2016tti, piroojektoota haaraa adeemsa ijaarsaarru jiran keessaa % 35 xumurameera. Pirojektooni sadarkaa federaalaan ijaramaa jiran pirojekttonni jallisi (Arjoo Dhidheessaa, Welmel, Calcal, Gudar, Hangar, Qexoo, Fantaalee) giddu galli qoranno laaboraatoori (Yaabelloo, Nageelleefi Gindhiir), Daandiiwwan

sadarkaa garaagaraa 65 keessa 45 buufataalee xiyyaaraa 5 keessa 3 adeemsa ijaarsaa keessa jiru. Waliigalaan, qala'insi gatii meeshaalee ijaarsaa, sharafa alaa gahaa dhabuun, rakkoon kontiraaktarootaafi nageenyaa hudhaalee piroojektoota ta'ee akka ture ibsameera.

Kenna tajaajila

Rakkoolee kenna tajaajila caasaa sadarkaan jiraniin adda bahan keessa % 66 furmaata hojimaataan deegarama argataniiru. Kan haferratti xiyyeffanno hojjetamaa jira. Kenna tajaajila iddo tokkoo hojirra oolchuun tajaajila manneen hojii foyyeessuuf hojii hojjetameen gam tokkoon tajaajila iddo tokkoo fi dijiitalaa kenuun kan eegalame yoo ta'u, kenna tajaajila kana itti fufinsaan ammayyeessuuf, sadarkaa naannootti gosoota tajaajila 615, Magaalaatti 434, Godinatti 439, Aanaaleetti 351 adda baafamee dijiitalessuuf hojjetamaa jira.

Sirna Madaalliifi Badhaasaa

Sirna madallii hojirra oolchuuf hojjettootaafi mana hojii sadarkaa garaagaraa hundi adeemsa kana keessa akka darbaniif hojjetamaa jira. Hoggansa qabeenya namaarratti hojii hojjetameen, hojjetaa mootummaa seeraan ala ta'an 8,392 irratti tarkaanfin olaantummaa seeraa fudhatameera. Hojii hojjetameenis, hojirra geggeessuu, sadarkaarru gadi buusuu, seeratti dhiyeessuu, bakkarraa kaasuu dabalatee hojii olaantummaa seeraa mirkaneessuuf fudhatameen maallaqa mootummaa miiliyoonaan lakka'amu baasirra akka oolfame gabaasni kun ibseera.

Yuunivarsiota waliin ta'uun leenjii hooggansaafi ogeessaa kennuu, qoranno humna galii maddisiisuu dabndeessisu fi qoranno "Smart City" dabalatee qoranno hojii garaagaraa 4 gaggeeffameera.

Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa

Dhaabbileen misoomaa mootummaa naannichaa gutumaan guutuu ta'an 5'tu jira, kan mootummaan Naanno harka 51fi isaa ol keessa qabu 29, kan mootummaan qooda xixiqqa keessa qabu 22'tu jira. Kunis garee investimantii 6'n qoqqodameera, kaappitaalli hayyamameef biliyoona 66 yoo ta'u, kana keessa biliyooni 40ni kaffalameera. Bu'aa waliigalaa dhaabbilee kanaan hanga kurmaana 2^{ffaa} bara 2016 kanatti argame miiliyoona 7.5 ta'u ragaan dhiyaate agarsiiseera.

Xumurarrattis, kallatti fuulduraatiin kurmaana itti aanan keessatti hojii harca'ee hafe hunda kurmaanota itti aanu keessatti dabalataan karoorsuu fi Sirna hordoffifi deegarsaa cimaa ta'e diriirsun, karoora xiiqii bara 2016'n qabame milkeessuun fayyadummaa hawaasaa mirkaneessuuf hojjetamu akka qabu kallattiin itti aanu akekameera.

Inisheetivii misoomaa qamadii . . .

godaansa seeraan alaatti imaammata biyyashee gaggeesitoota Afrikaaf ni ifoomsiti jedhamee eegama.

Fudhachuu badhaasaa kanaan walqabatee Ministirri Muum mee Dr. Abiyyi ergaa karaa miidiya hawaasummaasaaniin darbarsaniin akka jedhanitti "Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti Dhaabbanni Nyaataafi Qonnaa tattaaffi wabii nyaataa mirkaneessuuf goonuu badhaasa kabajamaa medaaliyaa 'Agricola' nubadhaasuusaaf galateeffachuun barbaada" jedhanii "oomishoota faayidaa olaanaa qabaniifi kanneen galtee industrii ta'anirratti xiyyeffachuun bu'aa abdachiisaa nuuf argamsiisaa jira, adeemsa keenya birmadummaa nyaataaf goonu cimsinee itti fufna" jedhan.

Pirezidaantiin Mootummaa Naanno Oromiyaafi kanneen biro gammachuu isaanii ibsaniiru. Pirezidaanti Shimallis ergaa karaa miidiya hawaasummaasaaniin dabarsaniin "Mum mee Ministeera keenya, Looreetii Nagaa Adunyaa Doktar Abiyyi Ahimad, ammas beekamtii idil-addunyaargachuu isaaniitiin ummata Itoophiyaa maraan baga gammaddan jechuun barbaada" Doktar Abiyyi, hoggansa kalaqaawaa wabii nyaataa, dhiyeessii nyaata madaalawaafi oomisha qamadiitiin ofdanda'uu irratti kennaniin bu'aa yeroo gabaabaa keesatti argameef, Mootummoota Gamtoomanitti, Dhaabbanni Nyaataafi Qonnaa (FAO) badhaasa maqaa guddaa 'AGRICOLA Medal' badhaasee jira jedhan.

"Badhaasni maqaa ulfinaa Mummeen Ministeera keenya Magaala Roomitti argamuun fudhatan kun, imaammanniif tarsiimoon keenya mo'ataa ta'u qaama hundaaf kan dhugaa bahefi imala badhaadhinaa dhugoomsuuf qabanne caalmatti akka itti fufnu hamilee kan nutti horuudha.

Milkaa'inni kun lammilee Itoophiyaa hundaaf injifanno waloo bu'uura kabaja biyya keenyaa waan ta'eef, irra deebiin baga gammaddan, baga gammanne jechuun barbaada" jechuun ibsan.

Maarree mootummaan jijiiramaa xiyyeffanno seektera qonnaaf kenneefi carraaqqii Wabii nyaataa mirkaneeffachuuf taasifamu guutummaati dhugoomsuuf inisheetivii hedduu bocuun hojjetaa jiraachuu ni beekama.



Fiigichi Guddaan “Wanchi Grand Run 2024” KM 10 marsaan jalqabaa gaggeeffame

Figichi guddaan Ikoo Turiizimii Wancii-Dandii Marsaa duraatiif bara kana, ga'eessota saala lammanii KM10'niin, daa'imman KM 1'irratti hirmaachise marsaan jalqabaa Amajjii 18 gaggeeffameera.

Kaayyoon guddaan sagantaa kanaa Iddoon Ikoo Turiizimii Wancii-Dandii, bakka daawwannaafi bashannanaa qofa akka hin taaneefi shaakala ispoortii hunda galeessas kan qabu akka ta'e Addunyatti beeksisuuf akka ta'e saganticharratti ibsameera.

Ministirri Ministeera Raayya Ittisa Biyyaafi Hoji Gaggeessaan Olaanaa Pirojktii Ikoo Turiizimii Dr. Abrahaam Balaay Pirojktiin kun mandara guddaa, bakka shaakalaa atiletootaaaf mijeessedha jedhan.

Sadarkaa Itti Aanaa Pirezidaantiitti Qindeessaan Kilaastara Hawaasummaa Obbo Abdulhakiim Muluu gamasaaniitiin xiinsammuu mo'ichaa atletonni buleeyyiin gabbifachaa dhufan, dhaloota haaraan itti fuksiisuuuf mandarri Ikoo Turiizimii Wancii-Dandii bakka filatamaa ta'u eeranii, fiigichi kun, seenaa atiletsii Oromiyaan qabdu itti fuksiisuuuf kan gargaarudhas jedhan.



Fiigichi Guddaan Wancii-Dandii kun, Naanno Oromiyaa Atileetotaafi tuuristoota keessummeessuuf haala mijataa qabaachuu kan dhugoomse ta'u Hogganaan Biiroo Dargagoofi Ispoortii Oromiyaa Obbo Maatiwoos Sabbooqaa ibsaniiru.

Fiigichi guddaa kun Wagga waggaan kan itti fufu

ta'uu Pirezidaantiin Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa gargaarttuun Komiishinaraa Atileet Daraartuu Tulluu ibsaniiru. Hirmaattoota dorgomichaas galateeffataniiru.

Sagantaa kanarratti, Dubartoota Umrii 50 Oliin Abarruu Zawudee, Dhrootaan Gazzaahany Gabree Iffaa bahuun tokkon tokkon isaanii badhaasa birrii kuma 25 argataniiru.

Fiigicha KM 10 Umrii 50 gadii dhiirootaan Assaffaa Xilaahuun, dhunfaan badhaasa birrii kuma 25 argateera. Dubartootaan Geexee Alamaayyoo Dhaabbata Konistirakshii Oromiyaarraa badhaafamtuu birrii kuma 150 taatee jirti. Addisu Nagaash Bulchiinsa Magaalaa Shaggar irraa 1^{ffaa} bahuun badhaafamaa birrii kuma 150 ta'uu danda'eera. Kan daa'immaniin Roobaa Guutaa injifateera.

Fiigicha guddaa Ikoo Tuurizimii Wancii tibba darbe dorgomamerratti atileetota biyya Kenyaafii Yuugaandaa dabalatee hoogantoota sadarkaa garaagaraa, Atileetota bebbekamoo fi hawaasni naanno hirmaataniiru.

Waldorgommiin Ispoortii Aadaa Marsaa 29^{ffaa} fi Feestivaalli Ispoortii Aadaa 16^{ffaa}'n Magaalaa Ambootti gaggeeffamaa jira

Waldorgommiin kun, mata dure "Ispoortii Aadaa calaqqeeyeenyummaa keenya kaleessaa" jedhuun Qindeessummaa Biiroo Dargagoofi Ispoortii Oromiyaa, Godina Shawaa Lixaafi Magaalaa Amboon tibba darbe bakka Hooggantoonni mootummaa Federaalafi naanno sadarkaa sadarkaan jiraniifi dinqisiifattonni Ispoortii Aadaa argamanitti eegalameera.

Dameen Ispoortii kun walitti dhufeinya hawaasaa kan cimsu, Jaalalaafi obbolummaa kan dagaagsuufi agarsiisa garaagaraaf haala mijataa kan uumudha.

Sadarkaa Itti Aanaa Pirezidaantiitti Qindeessaan Kilaastara Hawaasummaa Obbo Abdulhakiim Muluu, Motummaan Naanno Oromiyaa Ispoortii Aadaaf xiyyeefannoo kennee hojeetaa jiraachuu eeruun, oomishtummaa lammileefi fayyaa hawaasaa eegsisuu keessatti qooda ispoortii aadaa qabu olaanaa waan ta'eef damee kana guddisuuf caalmaan

kan hojjetamu ta'u ibsaniiru.

Kaayyoon guddaan feestivaala kanaas, qabeenyaa Aadaa hawaasichaa beekuun itti fuksiisuu, bakka bu'oota damee ispoortii aadaa sadarkaa biyyaatti dorgoman bay'inaan horachuuf ta'u beekuun, safuufi naamusaa ispoortii eegun milka'iina sagantaa kanaaf hojjetamu akka qabus hubachiisaniiru.

Hoogganaan Biiroo Dargagoofi Ispoortii Oromiyaa Obbo Maatiyoos Sobbooqaa, Ispoortii Aadaa xiyyeefannoo hawaasaa kan gaafatu waan ta'eef, Aantummaadhaan damee Ispoortii kana cimsuufi kunuunsuun itti fuksiisuuun murteessaa ta'u yaadachisaniiru.

Ispoortii Aadaa qaama sirna Gadaa keessaa tokko waanta'eef hirmaattonni naamusaa ispoortessaa gonfachuu, milka'iina sagantichaaf tumsuu akka qaban waamicha dhiyessaniiru.

Waldorgommiin Ispoortii Aadaa tibbaa eegale kuni, gosa Ispoortii Aadaa 11n hanga Amajjii 30'tti gaggeeffamaa.

